

ARAARA WAAQAYYOO, BIR MADUMMAA KEENYA

JAAKII OOCHIIN

SEERA UUMAMAA 37-50

BARNOOTA 1^{FFAA}: ISA CAALCHIFAMAA-ABBAAN ISAANII ISA
CAALCHISEE JAAL'ATE

BARNOOTA 2FFAA: MILKAA'AA-WAAQAYYO GOFTAAN YOOF
WAJJIN TURE

BARNOOTA 3FFAA: ISA HIIKUU- HIIKUUN KAN WAAQAYYOO TI

BARNOOTA 4^{FFAA}: BULCHAA(GEGGEESSAA)-ILMA KEE ISA QUXISUU
GARAKOO FIDI

BARNOOTA 5^{FFAA}: OBBOLEESSA-ANI YOOSEEF!

BARNOOTA 6^{FFAA}: ILMA-ABBAAA KOO ASITTI GADI FIDAA.

**“...ANI ISATI JETTEEDUBBII KEE GARA KOO KEESSA KAA’ADHEERA...” FAARSAA
119:11**

Mana Maxxansaa Teen Paawor tiin kan qophaa’e

Mirgi barreessaa,2014 , kan KiroosKonneektii dhaan eegamu ta’e

.Eeyyama barreessaa malee kitaaba kana keessaa fuudhanii baay’isuun,,waraabuun, raabsuun dhorkaadha.

Ta’uu dhiisuun isaa hanaga hin imamnetti kutaan luqqisii(lakkoofsonni) hundinuui macaafa qulqulluu keessaa fudhatamani. Mirgi isaa,2010, kan Kiroos weii,maxxansaa sagalee misiraachuuti

JALQABUU

Adeemsa jirenya keessan kana boodaa jijiiru eegaluuuf kaatu. Deemsi keessan adda kan ta'ee fi karaa tokkoon fedhii fi dheebuu isin kitaabaa Macaafa Qulqulluu jedhamu hubattanii ittiin guddachuuf qabdanu irratti hunadda'a. Qo'annaa kanaaf of kennuun keessan dubbi karaa sagalee isaatii Waaqayyo isiniti dubbatuun jirenya keessaniif badhaadhummaa kenna.

Yeroo qo'attanu meeshalee barbaachisaa ta'an kana of harkaa qabaachuu isin barbaachisa.

1. Kutaa macaafa qulqulluu: Dhiifama Waaqayyoo, Birmadummaa keenya jedhu.
2. Macaafa qulqulluu Afaan Ingilizii hiika haaraa. Hubachiisa: Kitaaba haaraa bitattu yoo ta'e, yoo danda'ama ta'e, Macaafa qulqulluu kan qabxiilee armaan gadii of keessaa qabu barbaadaa:
 - a. kan tartiiba kitaabilee walee(wabii), fuulli isaa walakkaa irratti mul'isame,
 - b. Hiika jechootaa gara xumura macaafa qulqulluu irratti tarreeffame
 - c. Kaartaa muraasa kan yeroo baay'ee gara dhuma macaafa qulqulluu irraatti argamu
3. Iskiriiptoo yookaan irsaasii
4. Kaardii yaadannoo(kaardii indeeksii) kan guddinni isaa 3x5 yookaan 4x6 ta'e.

Qabxiilee sadan lakkofsa lama jalatti tarreeffaman qophooftanii milkaa'umsaan akka qo'annaa keessan itti fiftanu isin taasisu. Tarii qo'annoon keessan kun isa jalqabaa you ta'e garuu, qo'annoo mata dureen isaa macaafa qulqulluu keessa deemuu(macaafa qulqulluu sakata'uu) jedhu irraa eegaluu qabdu. Qo'annoon kun meeshaa sakatta'iinsaa kan bekumsa keessaan ittiin guddifattanii barataa macaafa qulqulluu isa ofitti amanamummaa qabu akka taatanu isin gargaaru isiniif dhi'eessuuf qophaa'e. Qo'annoon sakatta'iins amacaafa qulqulluu kun tola,kaffaltii tokko malee marsariitii KroosKonneekt(www.crosscm.org) irraa argachuun in danda'ama. *Qo'annaan kun ajajamu illee, qo'anno Dhiifama Waaqayyoo, Birmadummaa keenya jedhuu keessatti milkaa'uuf, baay'ee barbaachisaa miti.*

Yeroo qo'attanu, macaafa qulqulluu keessan jala muruu, yaadannoo qabachuu yookaan mal'attoo isin barbaachisu gochuu hinshakkinaa. Inni macaafa qulqulluu kan qo'annaa keessaniiti. Yaadannoo keessaniin, halluudhaan, jala muruudhaan, itti marsuudhaan kan dhuunfaa keessanii godhahdhaa. Yeroo qo'attanu yaadanoo qabachuuuf dابتara yaadannoo yookaan tableetiitti gargaaramtanii waraabachuudhaan adeemsa qo'anno keessanii hordofuu dandeessu.

Barreefamni qo'anno kun kan qophaa'eef dhuunfaa keessaniin kophaa barachuu akka dandeessanuufi dha. Qo'anno kana naamusa gaariidhaan qo'achuudhaan, barreeffamicha salphaatti xumuruu dandeessu. Akkasumas odeeffannoo haaraa argattuu; hubannoo haaraa hirmaattuu; gaaffilee

ciccimoo deebii barbaadanu in gaafattu. Deebii kana gara fuulduraatti yaaduudhaan hiryoota keessan baay'een akka isin waliin qo'atanu akka affeertanu isin kakaasna.

Qo'anno keessan keessatti gammachuu argadhaa. Dubbii isaa kan Waaqayyoo isinitti dubbatuun garaan keessan hubanna ha'argatu. Seenaan macaafa qulqulluu kun jaalala Waaqayyoo isa karaa Ilma isaa Iyyesuus Kiristoos Gooftaa keenyaa fi fay'isaa keenyaa isa isiniif kanname isiniif hamirkaneessu.
Yaadannoo gulaalaa: Akka ifaa ta'utti maq-dhaala Waaqayyoon agarsiisanu qub-guddeessaan barreessaa. Innis, “kan Inni jedhe.”

BARNOOTA TOKKOFFAA

ABBAAN ISAANII ISA CAALAA JAAL'ATE

**SEERA UUMAMAA 37-ISA
CAALCHIFAMAA(MARARSIIFATAMAA)**

ARGISIISAA BARNOOTA TOKKOFFAA

Agarsiiftuu

Seensa

Barnoota 1: Seera Uumamaa 37

- Yooseef fi abjuu isaa
- Inaaffaa obboloota gidduu
- Yooseef gurguramuu
- Yaaqo gowwomsuu
- Gadda Yaaqob

SEENSA

Seerri Uumamaa 37 seenaa Yooseef, ilma Yaaqoobiin jalqaba. Cubbuu cimaa maatii kana balleessaa ture iraa bu'aan dhufe waan baay'eetu ifatti mul'ata. Itti fufinsa seenaa kanaa keessatti jaalala abbaan ilma isaa, isa caalchifatuuf(mararsii fatuuf) qabu irraa kana ka'e jeequmsa keessaa uumame ilaalaa.

Dogoggora miseensota maatii kanaa salphaatti beekuunii fi gogoggora ofii keenyaatiin jaamuun salphaadha. Fedha namoota nuuf adda ta'aniif, adda yookaan gaarii ta'uuf qabnu irraa kana ka'e, bala walitti dhufeenya irratti dhufaa jiru arguu dadhabna. Yeroo barnoota waa'ee Yooseefi fi obbolota isaa qo'attanu kana Hafuurri Waaqayyoo kan inni sammuu keessanitti fidu eenyuun ta'aa laataa? Kan isin nagaa fi waliigalteedhaan wajjin jiraachuu utuma barbaaddanuu sammun keessan yaada hamaadhaafi gowwomsaadhaan qabamee yaada keessan wareeru eenyuudhaa laataa?

Akkaataan obboloonni isaa Yooseefin ittiin qabaa(ilaalaa) turan Yooseeffiif in ta'a turee? Hundeen inaaffaa obbolota Yooseef maal turee? Waa'ee abbaan isaanii Yooseefiin caalaa jaal'achuu isaatii dhiisanii, maaliif nagaadhaan jiraachuu dadhabanii? Qo'anno keessan eegalaatii barumsa Waaqayyoo karaa jirenya Yooseef baradhaa.

Kutaa 1

SEENSA: Waltajiin qophaa'eera. Yaaqob biyya Kanaan, addaan immoo magaalaa Hebroo keessan, maatii isaa hundumaa wajjin jiraachaa jira. Barnoota amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya, jedhu keessatti, Waaqayyo Yaaqoobiin badhaadhummaa baay'ee fi qabeenya hedduudhaan akka eebbise baranneerra. Akkasumas Waaqayyo Yaqaobiin ilmaan kudha lamaan , kan haati manoolii isaa Liyaanii fi Raahelii fi akkasumas xomboreewwan isaanii dha'aniifiin eebbiseera.

Waa'ee seenaa Yaaqob qo'acuu yeroo itti fifnu, taatota keessaa tokko argina;innis ilma isaa Yooseefi dha. Seenaan kana Seera uumamaa 37 keessaa fudhanna. Yooseef nama umuriin isaa waggaa digdama hinguunnedha. Inni saafela waggaa kudha torbaa, kan obboloota angafoota isaa wajjin hoolota abbaa isaa eegu ture. Mee si'a tokko yeroo fudhaatii waa'ee yeroo umuriin keessan 17 turee yaadaa. Yeroo sana keessatti jirenya keessan keesasatti maaltu ta'aa turee? Ogummaa akkamii qabdu turtanii yookaan ogummaa akkamii akka qabdanu yaadaa turtanii? Wantoonni isin hinqabne(dhabdan) turtanoo maalfaa dhaa? Mee yoo dagaggeessa taatani, waggaa 17 ta'uun maal akka fakkaachuu danda'u tilmaamaa. Wagga 17tti yeroo dhi'aattanu. Mallattoo eenyummaa kan akka bilchina keessan argisiisu keewwachuu filattanu maal ta'uu danda'aa?

ABBALTII: Seera Uumamaa 37:1-11 dubbisaa

SHAAKALA:

1. Lakkofsa 2 keessatti Yooseef abbaa isaatiif maal fidaa?

Maqaa taatotaa kan kana dubbatanuu qabne! Eeny jennee jara waamnaa?

2. Lakkofsi 3an walitti dhufeenya baroota keessatti guddate akka hubannu nu gargaara. _____
3. Yooseefin caalchifachuu isaa kan mul'isu, Yaaqoob maal godhee(Lakkofsa 3b)? _____

Hubachiisa: Seera Uumamaa 32:27-28 ilaala.

4. Yaaqob abbaan isaanii Yooseefin caalchifachuu isaa yeroo ifatti keekan deebiin obboloota Yooseef maal turee? _____

BARSIISA: Yaa Gooftaakoo! Dhiphina ture hubachuu dandeessuu? Caalchifachuun Yaaqoob, obboloo Yooseef warra inni waa'ee isaanii abbaa isaatti himu keessatti jibbaa uumee. Amma egaa jibbiinsy isaan obboleessa isaanii Yooseef irratti qabanu yaada isaanii too'achuu eegale. Waa'ee isaa waan gaarii tokko illee dubbachuu hindandeeneye. Gara laafina tokko illee isatti argisiisuu hindandeeneye. Yaaqoob ilma isa caalaa jaal'atu qabaachuun isaa nu ajaa'ibsiisuu qabaa? Naannoo yookaan jirenya Yaaqob keessatti guddate mee yaadadhaa(Seera Uumamaa 25:28) Seera Uumamaa 29:30 keessatti Yaaqob Liyaa caalaa Raaheliin akka jaal'ate argina. Egaa amma akka nama looggii raawwate(tokko isa kaan irra caalchifachuu) tokkootti, inaafaan maatii Yaaqob moo'uudhaan, waljibbuun ilmaan isaa warra angafaa fi isa quxisuu giddutti uumame.

SHAAKALA: Yooseef abjuu abjoote(Seera Uumamaa 37:5)

1. Lakkofsa 5 keessatti yeroo Yooseef abjuu abjoote obbolota isaatti hime, deebiin isaanii maal turee? _____

2. Abjuun isaa maal turee? Jechoota mataa keessaniitiin barreessaa(Lakkofsa 7)

3. Obboloonni isaa gaaffii isa gaafatani. Akkas isaan jedhani, "Ati dhugumaan _____ nu irratti taataa?
Yookiis _____ nu irratti qabaattaa?" Obbolota isaatif hiikni abjuu sanaa isuma kana ture.
4. Ammas irra deebinee , lakkofsa muraasa kana keessatti yeroo sadafkaadhaaf obboloonni isaa akka isa _____ dagachuu yookaan hirraanfachuu hinqbnu. Abjuun isaatii fi wanti inni jedhe obbolota isaa in aarse. Jechoota jibbiinsi ittiin ibsaman sadan jala muraa.
5. Yeroo tokko tokko, utuu yooseef hin arganne turee namni dinqisiifachuu malee homa gochuu hindanda'u. Ammas lakkofsa 9 keessatti maaltu ta'ee?

6. Yeroo kana abjuun Yooseef maal turee?

7. Abjuu kanaaf deebiin Yaaqob deebise maal turee(Lakkofsa 10)?

8. Lakkoofsa 11 keessatti deebiin obboloonni Yooseef waa'ee abjuu kanaaf deebisan maal turee? _____
- Deebiin abbaa isaatii maal turee? _____
9. Caalchifachuun jibbiinsatti geeddaram; jibbiinsa immoo inaaffaa isaanii iraa dhufe. Abbaan yooseef dubbicha yaadaan qabate. Abbaan isaanii Yooseefin ijoollee isaa jara kaan caalaa jaal'ata. Hundeen jibbaa fi innaaffaa isaanii, abbaan isaanii Yooseefin caalchifachuu isaati. Yaaqob, Yooseefin obbolootaa isaa humdumaa irra caalchisee jaal'ata... (Seera Uumamaa 37:4)

Kutaa 2^{ffaa}

BARSIISA: Inaaffaan jecha haaraa miti. Kutaa qo'annaa duraanii keessatti akkuma yaadatanu, obboleettiin ishee Liyan waan da'uun dandeesseef, Raahel ofii isheef dhabduu waan turteef itti inaaffaa akka turte nutti himameera. Raaheel, Liyan garaa(laphee) Yaaqoob keessaa iddo koo qabatti jettee sodaatte. Innaaffan garee wal lolanu gidduutti fakkii(suuraa) diinummaatti halluu diba. Miirri Waaqayyoon keekuu tokko illee hinjiru. Naanno sun amala jaalalaa fi gara laafina Waaqayyoo kan calaqisiisu osoo hinta'in, inni tokko wanti isaaf kenname kan isaaf hin malle ta'uun hiika argisiisu mul'isa. Wanta namni kan biraq qabu tokk argachuuf yookaan kana ofii godhachuuf inaaffaa keessa nama gubu qabaachuu agarsiisa. Barnoota 5ffaa- kutaa 5ffaa qo'annaa Amanamummaa Waaqayyoo, Abdii keenya jedhu keessatti, waa'ee inaaffaa Raaheli fi Liyan gidduu turee maryanneerra. Cubuu dhuma obboleettota kana gidduutti mul'achaa turetu ammas obboloota kana wareeraa jira.

GADI FAGEENYAAN XIINXALUU(GADI QOTUU) : Seera Uumamaa 37:11 keessatti akkas jedha, "Kana irratti obboloonni isaa isatti in inaafan." Bareeffama wabii macaafa qulqulluu keessan keesa jiraachuu danda'u mee ilaala. Hojii Ergamootaa 7:9 barbaadaa. Kutaan kakuu haaraa kun, itti aanee maaltu akka ta'uuf jiru nutti himaa. Inaaffaan isaanii maal gochuutti isaan geessaa jiraa? _____

ABBALTII: Gara Seera Uumama 37tti deebi'atii lakkoofsa 12-25 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Lakkoofsa 12: Obboloonni isaa eessa

deemanii _____
_____ Achii maal hojjechaa turanii? _____

Sheekem eessatti akka argamtu kaartaa macaafa qulqulluu keessanii gara boodaa jiru irra barbaadaa. Kaartaa sana keessaa inni tokko Sheekem gara Kaaba Yerusaalem if Kaaba Bet'el

irratti argamuu ishee agarsiisa. Fageeenya Keebroonii fi Sheekem digguu jiraachuu danda'u mee tilmaamaa.

2. Lakkofsa 13: Israa'el(Yaaqob) maal Yooseefitti himee?
 3. Lakkofsa 14: Qajeelfamoonni Yoosef maal faa turanii?
- Yeroo Yoosef gabaasaa fidee debi'e, xumura irratti maaltu akka ta'e yaadadfhaa(lakkofsa 2)
-
4. Yoosef karaa dheeraa deeme. Yeroo achi gahe bakka obboloonni isaa jiranu argachuuf baay'ee rakkate. Lakkofsa 15-17 keessatti, maal argee?

Dootaan gara Kaabaa,Kaaba Lixaatti maayilii 10-15 akka fagaattu tilmaamama.

Konkolaataadhaan, karaa gaarii irra kun baay'ee fagoo hin fakkaatu, garuu Yeroo Yoosef karaa rakkisaa, cirrachaa,caccabaa ta'e karaa Kanaan kana irra miilaan deemuu isaa yoo ilaallu ilaalcha biraa nu keessatti uuma.

5. Obboloota isaa Dootaanitti argatte, garuu lakkofsi 18 maal nutti himaa?

6. Jibbaanii fi inaaffaan hammina isaanii cimsuudhaan hanga isaan obboleessa isaanii ajjeesuuf qophaa'uutti isaan geese. Tarii waa'ee kanaa dinqisiifachuu hinqabnu,sababni isaas Seera uumaa 4 keessatti jibbaanii fi inaaffaan Qaa'en keessa ture, akka inni obboleessa isaa Abeeliin ajjeesu taasisuu isaa dubbisneerra.
7. Egaa, utuu inni dhufuu yeroo argan obboloonni isaa maal waamanii?

8. Lakkofsa 20 keesssatti maal gochuuf karoorfatanii?

9. Seenaan sobaa isaan uumuuf karoorfatan maal turee?

Abjuun Yoosef akka waan waa'ee hin baasnee fakkaate. Obboloonni isaa kun waan isaan gahu hojjetaniiru! Nama objuu akkasii abjootu irra waan irra gahu Yooseefitti agarsiisuuf murteessaniiru.

10. Obboleessa isa kamtu isa oolchuu yaalee? Waa'ee isaa Seera Uumamaa 29:32 keessatti maal barannee? _____

11. Akka karoora filannootti Roobel yaada maalii kennee?

12. Maal gochuu

barbaadeetuu? _____

13. Lakoofsa 23-24 keessatti obboloonni Yooseef waan karoorfatan inraawwatani. Isaan qoloo isaa isa harka qabu isa inni uffatee ture irraa baasanii isa immoo fuudhanii boolla tokko keessa in buusani. Boolliche duwwaadha; bishaanni keessa hin turre.

14. Utuu buddeen nyaachaa jiranuu,lakoofsa 25 keessatti maal arganii?

15. Imaltuun warra Ishmaa'el in dhufani. Warri Ishmaa'el eenyuun turanii(Seera Uumamaa 16:11)?

Kutaa 3^{ffaa}

SEENSA: Warri Ishmaa'el Giil'aadii dhufaa turan. Kaartaa keessan iraa Giil'aadiin argachuuf, magaalaa utuu hin ta'in,kutaa biyyaa(naannoo) ilaala. Kaartaan keessan Giil'aadiin hin mul'isu yoo ta'e, biyyi sun gara Bahaa galaana Yoordaanoositti argama. Kutaan Baabaa isaa galaana ciisaa Galiilaa gaha(yookaan galaana ciisaa/haroo Kineerzii gaha);gara Kibbaatiin gara andaara Kaaba galaana ciisaa Deed/galaana/haroo ashaboo(Dead Sea) jedhamuu bira gaha.

ABBALTII: Seera Uumamaa 37:24-36 dubbisaa

SHAAKALA:

1. Imaltoonni Giil'aadi irraa dhufanii gara biyya Gibxi deemaa turan. Maal baatanii deemu turanii? _____

2. Lakoofsa 26-27 keessatti , Yihudaan obboloota isaatiif yaada maalii kennee?

3. Obboloonni sunoo deebii akkamii

kennanii? _____

BARSIISA: Yeroo kana yaada keenya haareessuuf, jechoota tokko tokko keessa deebinee ilaaluu barbaanna.

- Warra Ismaa'el (Ishmaa'elota) Sanyii dhalootaa Ishamaa'el, ilma Abrahaam(Seeraa 16:16)
- Warra Miidiyaanotaa: Sanyii dhalootaa Abrahaam karaa Qexuuraa,haadha manaa isaa(Seera Uumamaa 25:1-4)
- Biyya Miidiyaan: Kutaa biyyaafagoo gara Kibbaa fi gara Kibba Bahaa Galaana ciisaa Deed jedhamuu,Kibba Edoom.

Imaltoonni warra Ishmaa'el kun akka tilmaamamutti deemsa isaanii Miidiyaan irraa eegalani, Kaabaan gara Giil'aad deemuudhaan, Kanaaniin gargar kutanii, bakka obboloonni sun utuu isaan dhufanuu isaan argan,gara naannoo magaalaa Dootaan irraan dhufani.

Hubachiisa: Jechoonni kun barachuuf barbaachisaa ta'anii osoo hin ta'in jara beekuun macaafa qulqulluu salphaatti hubachuuf nama gargaaru. Tarii qaama seenaa addunyaa durii kan kanaan dura barattanii hinbeekne barachaa jirtu ta'a! Ittuma fufaa. Gaarii gochaa jirtuu!

4. Daldaltoonni Miidiyaan yeroo dhufan obboloonni sun maal godhani? _____

Daldaltoonni sun Yooseefiin fuudhani gara biyya Gibxi geessan.

5. Yeroo kana gocha hundumaa fi karooraanisaanii(itti fufiinsa hojji isaani) kan hinargin eenyuudhaa? _____
6. Yaaliin Ruuben Yaaliin Ruuben ooseefiin oolchuuf gochaa ture karaatti hafe. Boolliche duwwaa ture. Yooseef deemeera! Waal gochuu akka qabu harkaa badeera. Maal jedhaa (Lakkoofsa 30)?
7. Amma dhoksaa(aguuggii) isa guddaa... Lakkoofsa 31 keessatti obboloonni sun maal godhuu?
-

8. Lakkoofsa 32 keessatti abbaa isaaniitti maal itti himuu?
-

Kutaa 4^{ffaa}

BARSIISA: Inni kun seenaa jalqabaa isa haguugame(dhokasame) miti. Mee isa tokkofaa yaadadhaa. Inni iddo dhaabaa wayinii dugda-duubatti Seera Uumamaa 3:7 keessatti raawwate. Wanta dogoggora ta'e tokko yommuu hojjennu, tarkaanfiin inni jalqabaa haguuguu fi dhoksuu dha. Addaamii fi Hewaan

baala harbuu walitti hulluuqisisanii marxoo isaa hojjetatani,mukeetii iddo dhaabaa sana gidduu dhokatani. Obboloonni kun waanta raawwatanitti karaa booddeetti ittiin deebi'anu hinqabanu. Karoorri isaan Yooseefin ajjeesuuf karoorfatan jalaa kufeera. Hidhantootaa hojii isaanii isa hamaa ta'aniiru. Uffata ilma isa jibbanii fuudhanii, dhiiga re'ee cuuphanii ,abbaa isaaniitiif dhi'eessaniiru. Abbaanis uffata isa ilma isaa isa hundumaa irra caalchisee jaal'atuuf hojjete,kan amma du'eera jedhamee amaname, diigaan kan makame fudhateera.

YAADA CALAQQISIISUU: Obboleessa keessan ajjeesuuf maryachuun,wali galuun maal fakkaataa laataa? Nama tokkoacheesuu barbaaduun wanta gadhee akkamii ta'aa? Obboloonni kun waggaa 17 umurii Yooseef guutuu inaaffaadhaan gubachaa turan jechuudha. Cubbuun jirenya nama tokkoo keessatti utuu ilaalamee hintoo'atamin turee, cimaa fi guddachaa deeme dhuma irratti du'aan xumurama(du'atti geessa).

1. Gara warra Galaatiyaa 5:19-21 keessatti waan Phaawulos jedhe ilaala. Amalli cubbamummaa(iiji hojii foonii) kan Phaawulos as keessatti tarreessu maalii?
-
-

2. Waa'ee gochaalee kanaa akeekkachiisin Phaawuloos

maalii? _____

3. Macaafni Fakkeenyaa 16:25, karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira; dhumnii isaa

_____ jedha _____

4. Gara warra Roomaa 8:10-14 waa'ee Kiristoos nu keessa jiraachuu isaatii fi waa'ee dirqama nuti qabnuu dubbata. Lakkofs 13, akka fedha fooniitti yoo jiraattan maaltu ta'a jedhaa?

5. Garuu akka fedha hafuuraa yoo jiraanne,

_____.

YAADAAN QABACHUU: Gara warra Roomaa 8:10-14 dubbii human of keesaaqabu(cimaa dha)

1. Kutaan kana irra deebi'atii of eegannoon dubbisatii, jaalala Waaqayyo isiniif qabu hubachuu yaalaa. Inni akka isin jirenya irraa hafaa jiraattanu barbaada!
2. Lakkofsa 13 fi 14 kaardii yaadaannoo(Kaardii indeeksii) tokko irratti barrreessaa.
3. Torban kana yeroo lakkofsota kana yaadaan qabachuuf yaaddanu, qaaffilee hohii irraa oolchuu armaan gadii of gaafadhaa.

- a. Jirenya koo keessaa naanoon ani akka fedha fooniitti jiraadhee of arge maayinnii(Galaatiyaa 4:19-21)?
- b. Kallattii yookaan naannoo jirenya kootii keessaa kan ani keessatti Waaqayyo jirenya koo keessatti hojjechuu isaa baree,akka Inni na geggeessaa jiruu fi harfuura Waaqayyootiin akka ani jiraadhu na dandeessisa jiraachuu isaa kanan keessatti hubadhe maalii(Galaatiyaa 5: 22-23)?
4. Deebii keessan gaaffilee kanaaf dugda kaardii keessanii irratti barreessaa. Torbee kana guutummaa keessatti kaardii kana yeroo hundumaa of harkatti qabadhaatii lakkofsota kana amma sammuutti qabattanutti shaakalaa;kaardicha irratti yaadannoos qabadhaa.

Kutaa 5^{ffaa}

JIREENYA DHUUNFAA OFIITIIN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Obboloota SANA keessaa isa kamitti fakkaachuu dandeessuu? Ruuben,Yihudaa,moo obboloota kan biraa? Obboloota keessaa isa gaarii tokko ta'uu ni dandeessu turtanii(lakkoofsa 27)? Maaliif? Maaliif hin taatanu?

Kana gochuun sirrii ta'uu isaa beektanii, garee hamaa gochuu qohaa'e kana mormuuf in kaatu turtanii? Kana akka gochuu akka isin yaaddanu maaltu isin taasisee? _____

Nama hamaa gochuuf warra kaan kakaasuu jelqabu keessaa isa tokko taatu turtanii laataa? Obboleessa keessan quxisuu, kan homaa hin beekne balleesuu karoorri isin baafattanu maal ta'a turee laataa? _____

Deeggaraa Yooseef taatu turtanii? Ammam yoo isin dhiphise illee,obboleessa keessaniin maal jetu turtanii? _____

2. Ruuben isa angafa waan tureef,waa'ee obboleessa isa quxisuu kanaa ittigaafatamummaan isa irra jira. Waa'ee nama kan biraa itti gaafatamummaan isinitti kennamee,isin immoo waa'ee keessanii fi waa'ee namoota hundumaa yeroon isin dhimma itti dhabden jiraa? Wanti akkanaa kun maal fakkaata(maal namatti dhageessisa) turee?
3. Yihudaa fakkaachuu dandeessuu? Yihudaan Yooseefin balleessuu barbaadeera, garuu isa ajjeesuu hin barbaanne. Dhiigi obboleessa isaanii harka isaaniitti yoo dhangala'e, akka isaan

homaa keessa hin arganne obboloota isaatti hime. Garuu obboloota aariidhaan guutamanii jiranu kanaan mormuu ni dandeessuu? Yaadni keessani muraasni waal ta'a turee laataa?

4. Nama akkamiti kan namummaa cubbamaa(namummaa foonii) isa hinaaffaa keessaan mul'ifamee, amma ammo yaada ajjeechaa ilaala jiru kanaan kan mormuu danda'u?
-

5. Jirenya koo keessatti yeroon hinaaffaan samuu koo fi miira koo jeeqee, namoota kaaniif hojii jaalala raawwadhee,jajjabeessee,gargaaree, fedha isaanii isa gaarii isaaniif eeguu irra haasaa hamaa kan nama miidhu keessa galee,jechoota nama cabsanutti fayyadamee, dhugaa abaaree, soba uumee, akka summuun koo aarii kuusee aaloo(ijaabahu kanan eeyyame yoomii laataa?
-

Kadhanna: Yaa Gooftaa, ani yeroo baay'ee yaada hinaaffaa kan mataa kootiitiin hidhameera. Iddoo yookaan taa'itaa namoota kaaniitti nan hinaafa; jaalala namoota kaaniitti nan hinaafa;hiryummaa fi waliitti dhufeenya namoonni waliif qabanutti nan hinaafa; kennaa,dandeettii,fedhaa fi beekumsa namoota kaaniitti nan hinaafa. Eenyymmaa kootiin galateeffamuun barbaada, garuu immoo jirenyi sobaa fi namoota kaan irratti dubbi sobaa odeessuun akka na hordofanun eeyyama. Obbolota Yooseef sana irraa akkan adda hin taanettan of arga. Yaa Gooftaa Iyyesuus, naaf dhiisi Jirenya koo keessatti ofii kootiin jijjiirama ani barbaadu tokko illee fiduu hin danda'u. Hafuura Kee Qulqulluudhaan akka Ati jirenya koo keessatti hojjettuu fi akka nageggeessitu, akka mucaa isa kan Waaqayyoo isa Waaqa irraatti jiraachuu akka na dandeessistu, guutummaan guutuutti sirrattin hirkadha. Keessummaattuu immoo adaanbaase jirenya koo keessaa waa'ee isaa kana si

kadhadhu

Jirenya koo darbe keessatti yakka ani godhe hundumaa irraa waan birmaduu nabaasteef sin galateeffadha. Birmadummaan ati anaaf kennitu akka
ani

na dandeessisa.

BARSIISA: Gochaan obboloota kanaa waan fide qaba. Abbaan isaanii naheeraa,miidhameera. Uffaticha beekeera. Bineensi hamaan Ilma isaa gargar kukkan fixee akka isa nyaate yaadeera. Gadda isaatii keessatti, Yaaqob, uffata isaa tarasaasee; uffata gaddaa uffatee guyyoota baay'eedhaaf taa'ee Yooseefiif gadde. .Intaloonni isaa fi Ilmaan isaa hudi sassaabamanii isa biratti walitti qabamani; inni

garuu gadda isaa dhiisee jajjabachuu hin dide. Inni boo'ee akkas jedhe,

“

gara ilma kootiin nan

bu'a." (Seera Uumamaa 37:33-35)

Nuyi waan dogoggoraan yookaan yakka duraan nama kan biraa irratti raawwanne irraa kan ka'e gatii baasnu qabna ta'a. Kan nuti yaadachuu qabnu, Waaqayyo amanamaa akka ta'ee fi yoom illee , yeroo qoramuu keenyaa isa cimaa keessatti iyyuu kan nu hingannee fi kan nu hin dhiisne ta'uu Isaati. Harki jaalala inni kan Waaqayoo Abbaa keenya Waaqaq irraa nu haammata. Nutis immoo akkasuma sababii dogoggora yookaan yakka godhan irraa kan ka'e, namoota naannoo keenyaa yeroo gidiraa keessa darbaa jiranu haammachuu;ofitti qabuu qabna.

Yaaqob gowwomsituu ture. Mana gowwomsuun keessa ture keessatti guddate. Inni obboleessa isaa fi abbaa isaa gowwomse. Obboleessa isaa sodaatee baqachaa jiraate. Eessuma isaatiin gowwomsamee, haadha manaa isaa ishee jalqaba waadaa isaa galamte dhowwatame (ganame). Hinaaffaan, weennoon,gowwomsuun hundi isaanii hojii isa hamaa sanaati. Miseenonni maatii kanaa, amala baay'ee gadhee yoo qabaatan illee Waaqayyo karaa isaanii jaalala isaa raawwate. Seenaa Yooseef itti fufu keessatti ,Waaqayyo yeroon Inni Abbaa moo'ichaa ta'u argina.

BARNOOTA LAMMAFFAA

WAAQAYYO GOOFTAAN YOOSEEFII WAJJIN TURE

SEERA UUMAMAA 39-ISA MILKAA'AA

AGARSIISTUU BARNOOTA 2^{FFAA}

Agarsiisa

Seensa

Barnoota 2ffaa: Seera Uumamaa 39

- Yooseef mana Phooxiifaar keessatti
- Phooxifaar sababa Yooseefin eebbifamuu

- Yooseefiin qorumi quunnamuu
- Yooseef cubbuu diduu isaa
- Yooseef qajeelummaaf dhiphachuu isaa

GOOFTAAN YOOSEEFII WAJJIN TURE

SEENSA

Barnoota tokkoffaa keessatti, obboloonni isaa Yooseefin warra Ishmaa'elootaa Midyaanii dhufanitti akka gurguratan, jarri immoo warra Gibxitti akka gurguratan baranneerra. Amma ammo barnoota kana keessatti Yooseef mana Phooxifaar keessatti hojjetaa ta'uun isaa nutti himameera. Waa'ee hojii isaa fi itti gaafatamummaa isaa kan mana Phooxifaar keessa turee baradhaa. Yooseef miidhaa obboloonni isaa irraan ga'an, deemsa warra midyaanii wajjinii fi jirenya garbummaa isa biyya ormaa keessaaakkamiin danda'ee? Waaqayyo yeroo wanti kun hundumtuu ta'u eessa turee?

Mareen jal'inaa obboloonni kun Yooseef irratti maryatan kana nama dhukkubsuu dha. Mana Phooxifaar keessa rakkina(jeequmsatu) yookaan jeequmsatu ture. Miidhaa jal'inaa isa irra gaheef ,deebiin Yooseef maal akka ture hubadhaa. Yeroo waan gaarii gochuu keessan utuu beektanuu, qooda gaarummaa keessanii want hamaan isisn irra gahu, haala sana akkamitti akka qabdanu Yooseef irraa baradhaa. Walitti dhufeenza(tokkummaa) Yooseef Waaqayyoo wajjin qabu irra maaltu akka gahe hubadhaa. Murtoo jal'innaaf deebiin keessan mal ta'aa? Haala Waaqayyoo keessa hinjirre keessatti, yeroo Yooseef deebii Waaqayyoon agarsiisu kenu, barumsi isin Yooseef irraa barattanu maalii?

Kan durii irra caalaa wanti hundumtuu gaduma bu'aa adeeme Yaa Waaqayyo, nama akka jaalala Waaqayotti jiraatu kun miidhaa jal'inaa kana keessa akka darbu maaliif eeyyamtee? Isa in

irraanfattanii? Yooseef akka hirraanfatametti yaadee? Nama milkaa'aadha yoo ta'e maaliif
gidiraa kana hundumaa keessa darbaa?

Yeroo Waaqayyo hojii isaa hojjetu ilaala! Guyyoota hamaa kana hundumaa keessatti yeroo
Waaqayyo Yooseefii wajjin deemee,dhiphinaa isaa keessatti isa yaadate ilaaluun,Waa'ee
Waaqyyoo fi waa'ee namoota dhiphatan yaadachuu isaa baradhaa.

GOOFTAAN YOOSSEEFII WAJJIN TURE

Kutaa 1ffaa

SEENSA:.Seera Uumamaa 37 keessatti dursinee of tuullummaan, gowwomsuun,akkasummas yaanni ajjeesuu, maatii Yaaqob keessa guutee akka ture baranneerra. Abbaan gadda isaa irraa jajjabaachuu dide uffataa muchaa isaatii isa hunda irra caalchifatuu, kan diigaan makame baatee hafe..Amma egaa gowwomsmee, ilmi isaa Yooseef bineensa hamaadhaan ajeeefamuu isaa amaneera. . Obboloon sun egaa oboleessa isaani isa quxisuu,kan jibbanu sana balleessanii,hojii gadhee hojjetan sana aguuguuf, seenaa sobaa kan hammeenyaan guute umaniiru dhi'eessaniiru. .Obboloonni kun lubbuu Yooseef oolchuuf jeccha waarra Miidiyaanotaa (warra Ishamaa'elotaa) daangaa isaanii keessaan gara Gibxii deemaanutti gurguranu illee, abbaan isaanii kan inni beeku, ilmi isaan kan inni mararsiifatu du'uu isaa qofa.

Egaa Yooseef irra maaltu irra gahaa jiraa? Mee Yaaqobii fi ilmaan isaa dhiisnee Seera Uumamaa 39 itti fufna. Seera Uumama 37:36 keessatti,amma, utuu gaddi mana Yaaqob keessa jiruu,warri Midiyaanotaa(Ismaa'eloonni),Yooseefiin fuudhanii Gibxiin geessanii hojjettoota mooti Gibxii hojjettoota Feri'oon, warra gurguddoo keessaa,Phooxifaar, ajajuu eegdotaatti in gurguraniiru.

ABBALTII: Seera Uumamaa 39:1-6a dubbisaa. Lakkoofsi 1, jijiirraa tokko malee, irra deebii Seera Uumamaa 37:36ti.

SHAAKALA

1. Lakkoofsa 2 keessatti wantoonni jalqabaa kan nuti waa'ee Yooseef barannu maalii?

- a. _____
- b. _____
- c. _____

2. Wanti xiyyeefanna Phooxifaar keessa galee akka inni Yooseeffitti faara tolu godhe, dhuma irratti akka inni Yooseefiis iddo kenu yookaan caalchifatu taasise maalii(lakkoofsa 3)?

a. _____

b. _____

3. Akka ilaaltuu mana Phooxifaaritti , Yooseef itti gaafatamummaa maalii qaba turee?

a. _____

b. _____

4. Namich Gibxi sunii fi maatiin isaa hundi sababa Yooseefi irraa kan ka'e in eebbfamani(lakkoofsa 5). Lakkosfa 2-5 keessatti Macaafa Qulqulluu keessan keessatti waa'ee Waaqayyo Gootaa waan ibsame hunda jala muraa. Lakkosota kana keessatti bu'aa eebbi Waqayyoo saba isaa irratti qabuu fi akkasumas waa'ee sabasaaf jecha eeba Waqayyo namoota kaaniif kenu ilaachisee maal barannaa?

5. Xumurri lakkosfa 5 maal nutti

himaa_____

6. Sababa Waaqayyo waan hundumaa eebbisaa tureef,itti gafatamummaan Yooseef,hojiin itti kennname waal ta'ee?

7. Dhimi yookaan itti gaafatamummaan Phooxifaar maal qofa ta'ee(lakkoofsa 6)

Kutaa 2ffaa

JIREENYA DHUUNFAA OFIITIIN HOJII IRRA OOLCHUU: Sabni Waaqayyoo eeba Waqayyoo jala jiraata. Garuu,Waaqayyo saba isaati qofa eebbisaa utuu hinta'in, karaa saba isaa namoota kaanis in eebbisaa.

Seera Uumamaa 12:2-3 keessatti Waaqayyo Abrahaamiin maal jedhee turee?

1. Waaqayyo akka Abrahaam eebba ta'uu fi warra isa eebbisanu Waaqayyo akka eebbisu
dubbatee, akkasumas sabni lafa irraa hundi karaa Abrahaam akka eebbfamanu
dubbate.... Kun jirenya keessan irratti hiika maalii akka qabu mee yaadaa:

a. Naannoo isisn jiraattanu namoonni jiraatanu eenyuu faadhaa,fakkeenyaaaf,
olla,hiryaa hojii-kan waliin hojjetanu, hiryaa? Mee maqaa namoota muraasaa
barreessaa_____

b. sababa keessaniif Waaqayyoon eebbfaman yaadaa. Mee fakkeenyaaaf,
nageenya,amanamummaa fi dhugaa, naamusa gaarii fi namaaf amanamuu.
Waaqayyo karaa keessan jirenya isaanii tuquu isaa irraa kan ka'e, wantoota
tarreeffamanii fi kan birootiin, jirenyi isaanii ammam Waaqayyoon
jijiiramee?_____

YAADAAN (SAMMUUTTI) QABACHUU: Sababa mataa keenyaa fi waa'ee namoota kaaniif
jecha yeroo hundumaa Sagalee Waaqayyoo eeguu yookaan of fuuldura kaa'uu qabana. Sagalee
Waaqayyoo qo'achuu yeroo itti fufnu, Waaqayyo eenyu akka ta'e, akkamiin akka inni nu
eebbisuu barbaaduu fi akkamiin akka inni karaa keenya namoota kaan eebbisu irra caalaa
barachaa deemna. Abbaltiin akka nuti sammuutti qabuuuf nuuf kennname,Faarsaa 1:1-3 ti.

1. Lakkofsa 1 keessatti, naannoo nuti irraa fagaachuu qabnu sadii maal faadhaa?

a. _____

b. _____

c. _____

2. Lakkoofsa 2 keessatti, akka nuti itti gammadnu(gammachuu keenya nuuf ta'uu kan qabu) kan faarfataan kun nutti himu maalii?

a. _____

b. _____

3. Xumura irratti, fakkeenyi lakkoofsa 3 keessatti kennname maalii?

4. Mee mukich ibsaa. Eessa dhaabamee? Haalli isaa akkamii?

5. Mee ammas irra deebi'aa yaadaa; akka eebbifamtoota namoota Waaqayyootti, sababa keenya irraa kan ka'e, noonni Waaqayyo eebbise enyuun faa dhaa? Karaa biraa gaaffii gaafachuu dandeenya; harka keenya/koo irratti kan mannee ijaarratanii,dame keenya/koo irratti iddo baqaa fi nagaa kan argatan enyuun faadhaa?

Lakkofsota kana kaardii indeeksii(yaadannoo) keessan irratti barreessaatii,Waaqayyoo akka muka bishaan qarqara dhaabatee,isa yeroo hunda lalisuu, kan warra mudhukanii dadhabaniif gaaddisa kennuu, kan damee nagaa fi boqonnaa kenu qabu, akkasumas muka namoonni kaan boqonnaa fi gammachuu keessatti argatanu akka taatanuuf akka inni karaa isin agarsiisu karaa carraa isaaf kennaa. Muuxannoo keessan dugda kaardii keessanii irratti barreessaatii,Waaqayyo karaa inni namoota kaan ittiin eebbisu akka taatanuuf carraa inni isiniif kenneef Gooftaa galateeffadha.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyoo Gooftaa koo, ati karaa jirenya Yooseef, Phooxifaarii fi maatii isaa hunda eebbisteetta. Wantoota kan isaa ta'an hunda,wantoota alaaf mana isaa keessa jiranu hundumaa eebbisteetta. Yooseef namaa wajjin jiraachuu kee isa jaalala kee of keessa qabu jirenya Phooxifaar keessa fide. Adaraa akka ani na eebbisaa jiraachuu kee,akkasumas karaa

kootiin namoota eenyu akka ati taate hinbeekne illee, akka atii eebbisaa jirtu akka ani argutti ija koo naaf bani. Akkuma amanamummaa dhaan ana eebiste, karaakoo jirenya namoota kaanii akka ati eebbistutti, jiraachuun koo kaayyoon akka ta'u, kaayyo ati keessatti hojjetu keessa akkan jiraachuu danda'u na gargaari. Akka ani si kadhadhuufitti, namoonni gara sammuukootii dhufanu jiru. Siin burqaa eeba hundumaa kan taate, gara beekuutti akka isaan dhufanu sin kadhadha.

Kutaa 3ffaa

SEENSA : Nuyi Gooftaa keenya Iyyesuutti amanuudhaan Waaqayyoo wajjin michoota tanee(walitti dhufeenya waan qabaanne) jechuun qofti, hammeenya biyya biyya lafaa kana keessa jiru jalaa gutummaan guutuutti baraaramneerra jechuu miti. Kutaa qoannaa keenya darbe Seera Uumamaa 3 keessatti-karoora Waaqayyoo,Filannoo keenya jedhu keessatti akkuma yaadattanu, lolli/aariin akka jiruu fi inni hamaan sunis jirenya keenya akka hordofu baranneerra. Seera Uumamaa39 keessaa lakkofsonni ja'aan gara jalqabaa oduu gammachiisaa eeba Waaqayyoo jirenya Yooseef irraa nutty himu;amma immoo qoramuu amantii isaatu dhufa. Kana irratti, gaaffii tokkotu hafa: Eebbi wantoota sirrii fakkaatanii fi gaarii ta'an qofaa dhaa? Waaqayyo akamiin nama amanii kana karaa haalota rakkisaa ta'aniitiin eebbisaa? Haalonni rakkisoon akkasii eeba Waaqayyoo fiduu ni danda'uu?

ABBALTII: Seera Uumamaa 39:6b-23 dubbisaa

SHAAKALA:

1. Lakkofsa 6b keessatti Yooseef akkamiin ibsamee?

2. Battaluma sanatti, itti aanee lakkofsa 7 keessatti jechi dhufu maalii? Qorumsi haati manaa Phooxifaar Yooseefiif uumtu maalii ?

Haati manaa Phooxifaar Yooseefiin namummaa isaa bakkee ilaaltee qortuu taate.

3. Lakkofs 8: Yooseef ishee dide. Deebii kana mee armaan gaditti barreessaa. Waan isheen jette of eegganoon ilaala:
-
-

Itti waamamni(itti gaafatamummaan) isaa eenyuuf

turee? _____

Gooftaan isaa Yooseefiin guutummaa mana isaa,maatii isaa hudumaa irratti amanee, wa'ee waantoota mana isaa keessaa tokko illee dhimma hinqabu. Yooseef man asana keessatti aboodhaan nama lammafaadha. Haadha manaa isaa irraa kana hafe, gooftaan isaa Yooseefiin itti gaafatamummaa irraa dhowwate tokko illee hinqabu. Egaa,gaafffi tokko gaafata: _____

4. Yooseef dargaggeessa fayyaa qabuu ture. Qorumsa namni kamiyuu qoram danda'e. Haati manaa Phooxifaar kana beektee, guyyaa guyyaadhaan yeroo hundumaa affeerraa tokko isAAF dhi'eessitti. Lakkofsa 10 keessatti, Maccafni Quqlqulluun waa'ee Yooseef maal jedhaa?
-
5. Seenaan kun waa'ee haadha manaa Phooxifaar maal nutty himaa?
-

GADI FAGEENYAAN XIINXALUU(GADI QOTUU): Mee yroo fudhannee, kutaa Macaafa Qulqulluu keessaa, kutaa dhimma kanaa wajjin tokko ta'e irratti xiyyeffatu haa ilaallu. Mootichi Solomoon, Macaafa fakkeenyaa ilama isaatiif barreesse. Macaafa Fakkeenyaa boqonnaa 6 fi 7 keessatti ilma isaa ijituu(halalee) irraa akka of eeggatu akekkachiisa. Kutaa kana guutummaa isaanii dubbifachuu ni dandeessu,garuu qo'annaa keenyaaf mee ilma isaa haalotaa akkanaa irraa eeguuf, dubartoota ejjitootaa fi halalee irraa eeguuf ogummaa mootichi

Solomoon ilama isaa wajjin hirmaate ilaalla. Mee hubannaadhaan Macaafa Fakkeenyaa 6:20-35 dubbisaa. Haala Yooseef keessatti of argee immoo sammuutti qabadhaa.

1. Solomoon ilma isaatti kaayyoон gorsaa, abboommotaa fi barsiisa maatii isaa maal akka ta'e itti himaa? _____

2. Lakkoofsa 24 keessatti, barrumsi kun eenuy irraa akka isa eegu ilma isasatti himaa? _____

3. Lakkoofsa 26: Solomoon waa'ee dubartoota halalee fi ejjitoottaa maal jedhaa? _____

4. Addabbiin nama hadha manaa nama biraa wajjin ciisuu maalii? _____

Mootich Solomoon ilma isaa wajjin ifaaf ifatti dubbata. Jechoonni isaa kan dhugaa nuufis barumsa keenya. Nuiyis nu geggeessu waantawaan nugeggeessanuuf, waan nu eeganuuf, waan nutty dubbatanuuf, bara baraan garaa keenyatti isaan hidhachuu qabna.

Kutaa 4^{ffaa}

SHAAKALA: Seera Uumamaa 39:11 deebi'aa.

1. Guyyaa tokko, yeroo Yooseef hojii isaa ilaaluu deeme maaltu ta'ee?

Isheen akka inni dirqamaa ishee wajjin ciisuuf isa abboomte. Inni jalaa baqatee ba'e, garuu kan isheen oduu sobaa ittiin uummattie

_____ gatee ba'e (lakkoofsa 12).

Isheen in sobde. Cubbuun ishee kan fedha foon ishee fi akkasumas waan inni ishee didee baqatee ba'eef , yooseefiin tuffachuun ishee , seenaa(oduu sobaa), Yooseef irraan rakkina guddaa ga'e akka isheen uumtu ishee kakaase. Seenaan ishee, kan lakkofsota 13-18 keessa jiru

maalii? _____

2. Lakoofsa 19 keessatti, yeroo Phooxifaar gara manaatti deebi'ee galu maal itti himtee? _____

Phooxifaar deebii akkamii

deebisee? _____

Isin dinqisiiseeraa(ajaa'ibsiiseeraa)(Macaafa Fakkeenyaa 6:34)?

3. Phooxifaar Yooseefiin maal godhee (Lakkofsota 20)?

YAADA DHUUNFAA CALAQQISIISUU: Seera Uumamaa 39, lakoofsota gara jalqabaa keessatti Yooseef dargaggeessa kabajamaa akka ture baranneerra. Inni nama miidhagaa, amanamaa, dhuga qabeessa, kan itti gaafatamummaa fudhachuu fi ba'uu danda'u ture. Qorumsaa isaaf dhiyaateef haalli mijawaa ta'u illee, haadha manaa gooftaa isaa wajjin ciisuu in dide. Amma Yooseef akka nama yakkamaatti lakkaa'ameera. Amma garuu namicha isaa keessa ofii isaatti isa amanaa tureen, kan Yooseef iin nama Waaqayyo eebbise ta'u isaa hubateen, gara mana hidhaatti darbateemeera. Namichi kun soba haadha manaa isaatii amane. Kan inni itti hidhame, bakka hidhamtooni mootii itti hidhamanii fi bakka filatamaa hin taanee dha..

Maaliifii Yooseef? Innoo nama dargaggeessa gaarii dhaa, maaliif hidhamaa inni? Egaa Waaqayyo eessa turee? Waaqayyo yeroo Yooseef ala ture, yeroo inni mana gooftaa isaa

jiraachaa soreyyii fi namoota beekamoo waliin jirenya hawaasummaa keessa ture qofa isaa wajjin turee?

Waaqayyo wanti gadheen akkasii, nama gaarii akkasii irra akka gahu maaliif eeyyamee? Tarii kun akkaataa Waaqayyo ittiin hojjetu yoo ta'e, ani dhimmootan baay'ee barbaachisaa ta'an muraasa kanan isaa wajjin maryadhun qaba jettanii yaaduu dandeessu ta'a.

Mee akka Yooseefiin taatanitti yaadaa. Egaa isin nama mana hidhaa dukkanaa keessa, namoota hawaasaa keessaa gatamoo ta'anii wajjin, hidhamtoota mootii wajjin jirtuu dha. Gaaffiin sammuu keessan keessa naannawu maal ta'a jettanii yaadduu? Waaqayyoo isa keessanii kanatti iyyitu ta'aa laataa? Amma yoonaatti carraan jirenya obboloota keessanii gadhee akkasii hin turre, garuu amma
akkasi! _____

GADI FAGEENYAAN HUBACHUU(GADI QOTUU): Nuyi miidhaa jal'inaan , karaa malee nama irra gahu ni jibbina. Namoota gar malee nu miidhanutti in aarra. 1 ErgaaPhexiros 2:21-25 keessatti maamicha baay'ee guddaadhaan waamamneerraLakkoofsota kana keessatti Phexros Iyyesuusiin isa nuyi fakkeenyummaa isaa duukaa bu'uu qabnu nutti agarsiisa.

1. Phexiros Kiristoosiin fakkaachuuf akka waamamne nutti hima.Koristoos

immoo _____ faana

isaa _____ (lakkoofsa 21)

2. Itti fufee Phexiros maccaafa Isaayaas Raajichaa 53:9 agarsiisa. Iyyesuus cubbuu hin hoijenne(lakkoofsa 22). Yeroo isaan isa arrabsanii fi yeroo dhiphate maal akka inni godhe kutaan kun maal nutti himaa. _____
-
-

3. Lakkoofsi 23 itti

fufee,Inni _____

_____ jedha. _____

Sana Jechuun maal jechuu dhaa?! Iyyesuu jaalala Abbaa isaatii raawwachaa ture.
Kanaafis inni Abbaa isaa isa qajeelaa ta'uu isaa beekuu fi isa firdiin isaa qajeelaa ta'etti
ofii isaa kenne.

4. Yesuus akka

nuyi _____

_____ jedhee cubbuu keenaya dhagna isatiin baatee fannootti ol ba'e. Anii
fi isin waan Inni nuuf godhe irraa kan ka'e fay'ineerra. Walitti dhufeeyya keenya Abbaa
wajjinii kan cabee ture deebisee suphe. Waarra wanti Yesuus hojjete isaanifiif hojjetamuu
isaa amananiif , kun lammata hinjiru. Nuyi akka _____ karaa
irraa badanii turre; amma

garuu _____

_____ (Lakkoofsa 25).

Kutaa 5^{ffaa}

SHAAKALA: Gara Seera Uumamaa 39 deebinee yeroo ilaallu, boqonnaan kun Yoosef mana
hidhaa jiraachuu dhaan xumurama.

1. Ammas irra deebinee,lakkoofsa 21 keessatti,jechoota shaman lakkofsa 2 keessatti
dubbisneen kan walfakkaatu argina. Lakkoofsi kun maal
jedhaa? _____
2. Lakkoofsi kun itti fufee yeroo Yoosef mana hidhaa keessa ture Waaqayyo Gooftaan
isaa wajjin jiraachuu isaa akkamiin akka mul'ise nutti
hima _____
3. Lakkoofsa 23 keessatti ammas amalli Yoosef eegduu mana hidhaa sanatti akka beekame
irra deebinee hubanna. Eegduun mana hidhaa Sanaa, Yooseefiif itti gaafatamummaa
akkamii kenneefii? _____

4. Eegduun mana hidhaa sanaa, Yooseef nama too'annaa isaa jalaa ta'uu isaatiin aara galfii argateera. Lakkoofsi 23, namichi mana hidhaa eegu sun

nutti
hima.

Gooftaan Yooseefii wajjin akka turee fi waan inni hojjetu hundumaa akka walisaaf qixxessee, milkaa'umsa isaaf kenne in beekna.

5. _____ Mee garagarummaa
waan Phooxifaar waa'ee Yooseef argee(lakkoofsa 3) fi waan eegaan mana hidhaa
sun(Lakkoofsa 23) arge hubadhaa.

YAADA DHUUNFAA CALAQQISIISUU: Waan Yooseef hojjetee ijji eegaa mana hidhaa kanaa irra bu'e nammi yaade dinqisiifachuu obsuu hin danda'u. Akka nama hidhamaa tokkootti kan qalbii namaa hawwatu(waan ilaalamuu) qabu waal gochuu danda'a turee? Yooseef nama sobaan miidhaan irra gahee,karaa jal'inaa(firdii jal'aadhaan) hidhamee jiruu dha. Inni mootii isaa duraanii, isa amma aariin gubaa jiruun mana hidhaatti darbatame. Mana hidhaa sana keessa ammam akka ture homaa hin beeku,garuu umurii isaa kana booda jiru hundumaa ta'uu danda'a. Inni keessummaa fi nama ormaa, biyya ormaa jiraatu akka ta'e dagachuu hindandeenyu. Jirenya bushaa'ee abbaa isaatii tiksuu fi jirenya miseensa horsiisee bultootaa inni keessatti gudate irraa, aadaaniifi barsiifanni warra Gibxii baay'ee garagara. Biyyi Gibxii akka biyya qaroomee, guddatee fi biyya hawaasni isaa namoota baratanii guute akka ta'etti ilaalamaa ture. Fara'oон bulchaa biyya Gibxii,kan abbaa isaa kan dhuma irratti ittiin waliigaleef booyaa kan turee fi kan dhuma irratti isa mararsiifatee dha.

Utuu isaa wajjin hidhamtaniittu ta'ee,akka isin nama gaarii ta'uu isaa hubattanu kan isisn irratti arguuf yaaddanu maal ta'a ture laataa? Muuxannoo isin isa irraa argattanii , namoota kaanitti akka inni nama Waaqayyoo ta'e akka isin dubbatanu kan isin dandeessisu maaltu jira jettanii yaadduu?

DHUUFAADHAAN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Gara 1 Ergaa Phexiros 3;9 tii deebi'aa. Yooseef fakkeenya nuyi hordofuu qabnu dha. Ifaatti, inni nama Waaqayyoo kan ija namoota hundumaa hawwateedha. Keessummattuu, kan ijji namoota isa irratiboo qabanuu(bulchitootaa) irra bu'ee dha. Lakkoofsi 9,erga obboloonni isaa isa gurguratanii,innis imaltootaa wajjin gara Gibxiitti gadi bu'ee eegalee akkaataa Yooseef ittiin jiraachuu yaalee dha. Lakkoofsa kana barreessaa: _____
2. Yooseef jirenyaa isaa, jirenyaa namoota kaan eebbisuuf waamame ta'ee arge. Akkaataan inni namoota iti qabaa turee, akkaataa ofii isaatiif ittiin qabamaa ture miti. Fakkeenuymmaa Iyyesuus hordofee, isa firdii qajeelaa faradutti of kenne(1 Ergaa Phexiros 2:23). Lakkoofsi kunii fi seenaan Yooseef kun ammam dhiibbaa isisn irraatti uumuu? _____
3. Ilaalchi keessani, jechi isin filattanuu fi gochi isin hubannaadhaan gootanu jirenyaa namoota kan bira keessatti amman garagarummaa fidaa?
4. Nama akka namoota kaaniif eebba taatanuuf, Waaqayyoo isin eebbise ta'uun keessan yeroo yaaddanu dhiibbaa qajeelaa akkamii isiniti fidaa?

KADHANNAA: Yaa Gooftaa, ani akka Yooseef ta'uun barbaada. Jirenyaa namoota kaanii keessatti jijiirama(garagarummaa) fiduun barbaada. Gara laafinnikee karaa namoonni gara keetti hawwatamanu(dhufanu) akka ta'utti, biyya lafaan keessa jiraadhu kana jaalala keetiin moo'uun barbaada. Yeroon illee rakkisaa yoo ta'e, abdii kutachuufi hamaa/gadhee ta'uun irraa na eegi. Namoota ana irraatti aboo qabanu duratti waan gaarii dubbachuu na dandeesssii, karaa jaalallikee ittiin gara isaanii dhaqu na godhadhu_____

BARNOOTA DADAFFAA

HIIKUUN KAN WAAQAYYOOTI

SEERA UUMAMAA 40-41-ISA HIIKU

AGARSIISA BRNOOTA 3

Mul'istuu

Seensa

Barnoota 3ffaa: Seera Uumamaa 40-41

- Abjuu namooota kaanii
- Yooseef Abjuu namoota kaanii hooke
- Abjuu Fara'oonii fi hiika isaa
- Karoora Yooseef isa guddaa Gibxiif
- Yooseef lafa biyya Gibxi irratti bahe

HIIKUUN KAN WAAQAYYOOTI

SEENSA

Yooseef gidiraa baay'ee keessa darbeera; waggoota kana hundumaa keessatti garuu Waaqayyoo isaaf amanamaa ture. Amma waan addaa tokkotu uumama. Utuu Yooseef mana hidhaa keessa jiruu waan uumamuu fi Waaqayyo Yooseefitti gargaaramee akkamitti saba sanaa fi biyya Gibxii oolche baradha.

Wantoonni jirenya Yooseef keessatti ta'an kun hundi barbaachisoodha yoo ya'an dinqisiifachuu dandeenya. Waaqayyo rakkinaa fi gidiraa Yooseef keessa darbe kana irraa dhowwuu hin danda'u turee? Egaa, maaliif irraa hin dhowwinee? Dammaqina guddaadhaa fi hubannadhaan,deebii Yooseef qorumsa kana hundumaaf kenne ilaala. Haala hundumaa keessatti ilaalch isaa hubadhaa. Ilaalcha inni namicha isa isa hidheef, kan isa irratti aboo qabu kanaaf qabu ture hubadhaa ilaala. Namoota wajjiniin mana hidhaa keessa tureef ilaalcha inni qabu ture ilaala. Itti gaafatamummaa isatti kennameef ilaalcha inni qabu, itti gaafatamummaa Fara'oon biraa itti kennameef ilaalcha inni qabu mee ilaala.

Seerri Uumamaa 40 fi 41, gara xumura ,seenna kanaatti nu hinfidu. Yeroo itti fuftanu, yeroo fudhaatii baroota kana keessatti jirenya Yooseef keessatti wantoota ta'an keessa deebi'aa ilaalaatii, amanamummaa Waaqayyoo isa jiraataa Yooseef duukaa tureef dhugaa ba'aa.

Kutaa 1^{ffa}

SEENSA: Barnoota 2f^{ffa}, sababa soba haadha manaa Phooxifaariin , Yooseef jal'inaan mana hidhaatti darbatamuu isaatiin xumurreerra. Inni sadarkaa kabajaa fi itti gaafatamummaa waan gooftaan isaa qabu hundumaa ture. Haadha manaa gooftaa isaa wajjin akka ejjuuf(ciiusuuf) gaaffii deddeebi'ee isaaf dhi'aate diduudhaan, ishee harkaa bahee baqatee deeme. Isheen in sobde. Abbaan manaa ishee amane;Yooseefi immoo mana hidhaa yoom illee keessaa ba'uu danda'a jedhamee mal'attoon tokko, hin jirretti (hin yaadamne) keessatti of arge.

Yooseef akkaataa isaaf hin malleen, karaa jal'inaa miidhamu illee, Waqayyoo garuu isaaf manamaa akka ta'e baranna. Macaafni Qulqulluun, yeroo Yooseef hadhaa turetti illee, mana hidhaa sana keessatti akka Waaqyyo isaa wajjin ture nutti hima. Waaqayyo araara isaa Yooseeffitti mul'isee, eegduun mana hidhaa sun faara tolaadhaan akka isa ilaaluu fi hidhamtoota hundumaa irratti akka inni Yooseefiin itti gaafatamaa godhu taasiseera. Wantoota achitti godhamanu hundumaaf inni itti gaafatamaa taasifame. Wanti Yooseef hojjetu hundi waan isaaf milkaa'uuf, eegduun mana hidhaa sanaa Waaqayyoo Yooseefi wajjin akka jiru in beeke.

Garuu mana hidhaa keessa taa'anii itti gaafatamummaa qabaachuunii fi milkaa'ina argachuun garagarummaa maalii fidaa? Waaqayyo utuu isaa wajjin jiraatee, mana hidhaa sana keessaa isa inbaasu turee? Namni kam illee, haalaakkanaa keessa yoo gale,ilaalchi isaa maal akka ta'uu danda'u dimqisiifachuu malee homaa gochuu hin danda'u. Kanaafuu gaaffii kana gaafanna: Waaqayyo haala keessa jirru keessaa nubaasa moo,haala nuyi keessa jirru gidduu gala?

ABBALTII: Seenaan kun Seera Uumamaa 40 fi 41 keessatti itti fufa. Sabana dhimmoonni xumuruu qabnu hedduun hafanii as keessa jiranuufii, dubbisa hundumaa tokko tokkoo keessa deemnee qo'achuu hin dandeenyu. Gaaffileen shaakala keessa jiranu, boqonnaalee kana keessa akka deemtanu isin gargaaru. Qo'annoo keesaan dhuunfaa gara fuulduraatiif, akka dubbistanu, akka qo'attanuu fi gaaffilee keessan yaadannoo keessan irratti akka galmeeffatanu isin jajjabeessina. Seera Uumamaa 40 dubbisuun eegalaa.

SHAAKALA: Boqonnaan kun waa'ee itti gafatamtoota (bulchitoota) lamaa, kan mootiifi hojjetanuu fi kan amma mana hidhaa keessa jiranuu dubbata. Namoonni kun eenyyuun faadhaa;maal godhanii? _____

1. Xumurri isaanii eessa ga'ee(ta'ee)?

Itti
gaafatamaan eegduu mana hidhaa eenyutti isaan ramadee(dabarsee kennee)?

2. Akka lakoofs 5 dubbatutti, maaltu ta'ee?

3. (Lakkoofsa 6-8) Ganama itti aanutti Yooseef maal hubatee/argee?

Inni maal isaan

gaafatee?_____

Deebiin isaanii maal

turee?_____

4. Yooseef abjuu hiikuun kan Waaqayyoo akka ta'e amane. Jaratti maal itti himee(lakkoofsa 8)?

5. Lakkoofsa 9-11: Abjuun eegduu warra dhugaatii dhi'eessanii maal turee?

6. Hiikni Yooseef abjuu sanaaf ,lakkoofsa 12-14 keessatti kenne maal turee?

7. Lakkoofsa 14 keessatti, Yooseef, eegduu warra dhugaatii dhi'eessanii maal akka isaaaf godhu

gaafatee? _____

8. Itti dabalee kan biraaj lakkoofsa 15 keessatti Yooseef maal itti himee?

9. Abjuun eegduu warra budeen tolchanii maal turee?

10. Lakkoofsa 18-19 keessatti hiikni Yooseef abjuu kanaaf kenne maal turee?

11. Guyyaan(Ayyaanni) lakkoofsa 20 keessatti ibsame maal turee?

Eegduu warra buddeen tolchanuu irra hoo?

12. Wanti hundinuu akkauma Yooseef abjuu isaaniitiif hiika kennetti raawatame. Rakkinni

tokko kan lakkoofsa 23 keessatti ibsamee

maalii? _____

Kutaa 2^{ffaa}

SEENSA: Ammas irraa deebi'ee, Yooseef waan garmalee,karaa qajeelaa hintaaneen ilaalame(miidhame) fakkaata. Eegduun warra dhugaatii dhi'eessanuu, guyyoota sadan darban keessatti wantota beekamanii fi, Yooseefiin raawwatee hirraanfachuu isaa, akkasumas kan inni yeroosiif tolutti na yaadadhu,dhimma koos Fara'oonitti himii mana hidhaa kqana keessaa nabaasisi ittiin jedhe dagachuu isaa baay'ee dinqisiifate. Asi irraa kan eenyu iyyuu hubachuu danda'u, namich kun, "galatoomi" jechuu kan dagateefii, nama yeroo gaddaa fi abdii kutanna Isaatti, sagalee misiraachoo(oduu gammachuu), itti hime illee yaadachuu kan dadhabe ta'uu Isaati. Yeroon kun yeroo isin nama bar tokko, yeroo isin gaddaa fi abdii kutanna keessa turtanitti isin jajjabeessee, oduu gammachiisaa isiniif fide itti yaadachuu qabdanu ta'aa laata?

ABBALTII: Seera Uumamaa 41:1-40 dubbisaa

SHAAKALA:Waaqayyo ammas karaa abjuu namootaa wajjin dubbate. Kana immoo yeroo Yooseef abjuu lamaan arge sana maatii isaatiif hiru, Seera Uumamaa 37 keessatti argineerra. Ammas Seera Uumamaa 40 keessatti, eegduun warra dhugaatii dhi'eessanuu fi eegduun warra boddeen tolchanuu tokkoon tokkoo isaanii abjuu abju'aatani. Amma waggoota lama booda abjuun sun itti fufe. Namoota baroota sana keessa biyya lafaa kana irra jiraataa turaniif, abjuun hiika barbaachisaa qaba ture. Abjuun sun yoo sirriitti hiikame, hiree gara fuula-duraa kan namichsa abjoote sanaa argisiisa jedhamee amanama ture. Lakkofsota kana yeroo itti fufnee ilaallu, adaan gara Bahaa dhiyoo baay'een, haala qilleensaa fi midhaan (firii hojii qonnaa), Waaqayyo gidduu galuu isaatiin wal qabsiisu. Ibsi beelaan walqabatu,waa'ee dhimma uumamaa utuu hin ta'in, Waaqayyo yookaan waaqni tolfamaan namoota irratti waa gochuu agarsiisa.

1. Lakkofsota 1-4: Amma yeroo kana(as keessatti) eenyuttu abjuu arge?

Abjuun isaa
maayinnii? _____

2. Mootiin Gibxi(Fara'oon)ammas deebi'ee rafee abjuu kan biraa abju'ate. Abjuun kun maalii?

3. Fara'oon, mootiin Gibxi,lakkofsa 8 keessatti maal godhee?

Bu'aan mootichi nama abjuu isaa hiiku barbaaduu maal turee?

BARSIIRA: Dhuma irratti! Eegduun warra dhugaatii dhi'eessanuu, mana hidhaatii ba'uu isaatiin dura wanta ta'e yaadate. Waa'ee dargageessicha Ibrichaa isa isaa wajjiin hidhamee turee, kan hojjetaa angafa eegduu hidhamtootaa turee sanaa Fara'oonitti hime. Fara'oon,mootichi Gibxi, akka Yooseef gara isaatti fidamu, waamsise. Yoosefis mana hidhaa keessaa fidamee,rifeensa mataa isaa aaddatee, uffanni jijiirraa isaaf kennamee,egaa amma fuula mootii dhaabate.

SHAAKALA: Seera Uumamaa 41:15 dubbisuudhaan eegalaa.

1. Yooseefirraa inni maal barbaadaa?

2. Yooseef deebii maal kenna(Lakkoofsa 16)

3. Lakkoofsa 17-24:Fara'oon abjuu abjoote Yooseefitti hime. Lakkoofsa 24 keessatti xumura irratti wanti inni jedhu
maali?

4. Lakkoofsa 25:Yooseef abjuu mooticha Gibxi(Fara'oon)sana hiikuun dura, ibsa lama kaa'e.

- a.

b. _____

5. Lakkofsa 26-27: Hiikaan abjuu isaatii maalii? Waaqayyo maal gochuuf jedhaa?

6. Yooseef kana booda hiika abjuu sanaa jechoota mataa isaatiin Fara'oonitti hime. Wanti Waaqayyo Fara'oonitti argsiise maayinni jedhee itti himee?

Kutaa 3^{ffaa}

BARSIISA: Waaqayyo bara quufaa waggoota torbaa biyya Gibxitti fidee, itti aansee immoo bara beelaa baay'ee cimaa waggoota torbaa, kan baroota quufaa darban illee namoota Gibxii hirraanfachiisanu akka fidu agarsiise. Lakkofsa 32 keessatti, Waaqayyo Fara'ooniif abjuu gosa tokko bifaa lamaan akka kenneef nutti himameera. Sababiin isaas: 1)Waaqayyo karoora isaa itti fufuuf "cimsee murteessee" fi 2) Karoora isaa dafee fiixaan baasuuf waan jiruuffi dha.

SHAAKALA: Lakkofsota itti aananu keessatti, Yooseefa Fara'ooniif kallattiidhaan qajeelfama kennaaf.

1. Yooseef karoora mootichaaf dhiyeesse(Lakkofsa 33-36)

a. Amalooni Fara'oon namicha itti gaafatamummaa itti kennuuf jedhu kana irraa barbaaduuf ture maal faadhaa?

b. Namoonni kan biraan kan Fara'oon itti gaafatamummaa irra kaa'uuf jedhu eenyuun faadhaa? Itti gaafatamummaan isaanii maal turee (Lakkofsa 34-36)

? _____

-
-
2. Fara'oonii fi itti gaafatamtoonni isaa karoora Yooseefiif deebii akkamii kennanii? _____
3. Wanti isaan itti dhimman kan lakkofsa 38 keessatti ibsame maalii?
-
4. Lakkofsa 39: Murtoon Fara'oon maal turee?
-
5. Amallii fi dandeettiin Fara'oon Yooseefiin keessatti argee beekamtii kenneef yookaan mirkanoeffate maayinnii? _____
-
-
6. Itti gaafatamummaan Yooseef maal turee? _____
7. Kan yooseefiif ajajamuu qabu(itti gaafatamummaa isaa jala galuu qabu) eenyunnii _____
8. Yooseef eenyyu jalatti buluu(itti gaafatamummaa eenyyu jala galuu) qaba turee? _____

YAADA DHUUNFAA OFII CALAQQISIISUU: Yooseef, dargageessichi biyya ormaati gara Gibxiitti fidamee, akka garbaatti gurgurame, amma Gibxiin keessatti itti gaafatamummaadhaan nama isa lammaffaadha. Fara'oon irraa kan hafe, namni hundumtuu harka Yooseef jala akka galu ajajni ba'eera.

1. Egaa maal yaadduu? Taayitaa Fara'oon isatti kenne kun waggoota baay'ee kana keessatti wantoota Yooseef keessa darbe hunda kana in madaalaa? Salphaadhumatti, eebbi xumura iraa kun gidiraa Yooseef keessa darbeen wal in gitaa _____
 2. Rakkinni gaaffii sana gaafachuun qabu maalii?
-
-
-

Tarii Yooseef eenyu akka ta'a adda baasuun isianiif rakkisaa miti ta'a. Tarii guddina sadarkaa hojii keessatti irraanfatamtaniittu (dagatamtaniittu) ta'uu danda'a. Tarii sadarkaan aangoo waraann akka isiniif ta'uti yaaddanii, garuu guddinni sun isinirra darbameera ta'uu danda'a(dagatamtaniittu ta'uu danda'a). Tarii waan namoota kan biraat irra caalaa ogummaa/beekumsa qabdanuuf, hojiin tokko akka isiniif ta'uu malutti yaaddanii, garuu hojiin sun nama muuxannoo fi beekumsa barbaachisaa hinqabneef kennameera ta'a. Tarri akkuma Yooseef obboloota isaatiin miidhame , isisnis namoota kan biraatiin miidhamtaniittu ta'a. Tarii maatiin keessan nama abjuu argu ta'uu keessan tuffatanii, akka nama waa'ee hin baasneetti isisn lakkaa'aniiru ta'a. Yookaan immoo, tarii maatii keessa turuuf illee akka barbaachisaa hintaanetti lakkaa'amtanii, manaa baafamtanii firaaf kennamntanii yookaan akka naannoo biraatti ergantanu taasifamtaniitu ta'a. Tarii haalonni isisn keessa galtan baay'ee rakkisaa ta'uudhaabaatu illee, garuu dhugaa dha. Tarii qorannoo yookaan projektii yookaan abbaltii tokko irratti qabxii gadi aanaa argattanittu ta'a. Yookaan tarii kunuunsa gaarii dhugaadhumaan nama tokkoof gootaaniif , galata hin arganne ta'a. Yookaan immoo, tarii hiryaan keessan tokko , nama jirenyaa keessan fooyyessuu danda'u tokkotti waa'ee keessa himuu iraanfateera ta'a.

Erga jirenyaa Yooseef keessaa waa'ee kanaa qo'anee, haalotajirenya isaa keesaatiif deebii inni kenne erga ilaallee booda, and haalota irratti deebii keenya calaqqisiisuu malee obsuu hindandeenyu. Yeroo Yooseef hojjetaa Phooxifaar fi eegduu mana hidhaa turetti, Waaqayyo Gooftaan isaa wajjin ture. Eebbi Waaqayyoo Yooseef irra ture. Akkasumas akka iinni waan hojjete hundumaa irratti milkaa'u isa taasise. Muuxannoo jirenyaa inni keessa darbe keessatti Waaqyyo, itti gaafatamummaa Fara'oон isaaaf kenne sanaaf isa qopheessaa ture. Jalqaba irrati, Yooseef itti gaafatamaa maatii fi qabeenya bakkee Phooxifaar irratti kennameef. Itti fufee,eegduun mana hidhaa Yooseefiin mana hidhaa sanaa fi wantoota achi keessatti ta'anu hundumaa irratti itti gaafatamummaa kenneef. Amma immoo Yoseef baraaramuu biyya Gibxiitiif hudaatiif itti gaafatamaa taasifame. Gungumu(gadduun) fi komachuun qaama isa salphaa dha. Waan hojjennu hundumaa irratti harka eebba Waaqayyoo arguun baay'ee rakkisaa dha. Kun sadarkaa ol aanaatti nu waama. Akkas jechuu dandeenya, "Isa iraa caalaa ol ka'aa!" Kun yaada baay'ee wal fakkaataa qaba. Waaqayyo nuwajjin ta'ee waan hojjennu hundumaa keessatti milkaa'ina akka nuu kenaa jiru arginee isa amanachuudhaaf, haalota keenya hundumaa gararraatti ol ka'uuf waamamneerra.

JIREENYA DHUUNFAA OFIITIIN HOJII IRRA OOLCHUU Haalota muuxannoo jirenya keessanii dhuunfaa irratti yeroo fudhaatii, yaada keessani calaqqisiisaa.

1. Yeroo dagatamtanii fi galata itti dhabdan mee yaadadhaa . Haalli isin yaadattanu

maalidhaa? _____

2. Kan isisn eegaa turtan maal turee?

3. Dhugaadhaan kan ta'e

maali? _____

4. Haala kanaaf deebiin keessan maal turee?

5. Kana irraa karaa adda ta'een hojjechuuf utuu qaafatamtanii,wanti isin kanarrraa adda gootanii hojjetanu maali? Maaliifii? _____

6. Haala keessa dabartan kan duraanii irratti yaada keessan yeroo calaqqisiistanu, jirenya keessan har'aa keessatti akkamiin hojii irra oolchituu(itti gargaaramtanu)?

7. Yeroo yaada keessan calaqqisiistanu, haala jirenya keessan ammaa keessatti,eessatti

Waaqayyoon of biratti
argituu? _____

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, yeroo tokko tokko,beekumsaa koo fi dandeettii kootiifan iddo guddaa fi olaanaa kenna. Aboonii fi aangoon anaaf ta'a jedheen yeroo baay'ee amanee,ammuma naaf ta'a jedha. Yooseef gad of deebisuudhaan fakkeinya gaarii dha. Akka hojjetaatti Phooxifaarii fi eegduu mana hidhaa sana tajaajile. Ati akka hoojjetaatti akkan hojjetoota, bulchitootaa fi abbootii aangoo jirenya kkoo keessatti akkan tajaajiluuf carraa adda

adaa naaf kenniteetta. Yooseef akka ati isa keessaattii fi karaa isaa hojii irra jirtu amanee jiraate. Ati anaa wajjinis akka jirtu akka ani amanuuf garaa koo naaf bani. Milkaa'umsa at anaaf kennitu karaa namootni kaan jirenya isaanii keessatti sii wajjin ittiin wal arganu hata'u.

Kutaa 4^{ffaa}

SEENSA: Fara'oон akka inni biyya Gibxi guutummaa irratti itti gaafatamaa ta'uuf Yooseefiin filateera. Seera Uumamaa 41:41-41 keessatti waa'ee Yooseef biiroo isaa ilaachisee madaqiinsa(odeeffannoo) fudhachuu isaa nutti hima. Nuyis yeroo namani tokko waldaa Kiristiyanaa yookaan amantoota geggeessuuf filamu, sirnaakkanaa in geggeessina. Jalqaba geggesaa hafuuraa(luba/paasterii) tu filatamee,isa booda itti gaafatamummaa fudhata. Yeroo sanatti, uffata halluu bareedaa qabtu (kan murma isaatti uffifamu), kan gahee hojii tajaajila lubichaa namootatti mul'isu kennameefii, isa booda, namni filatame kun itti gaafatamummaa isatti kenname in fudhata. Fara'oон Yooseefiin filatee. Amma ammo iddo itti gaafatamummaa irra isa dhaabuu fi saba sanatti filannoo isaafi waantoota inni isaan irraa eegu beeksisuudha.

ABBALTII: Seera Uumamaa 41:41-57 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Lakkoofsa 41: Fara'oон Yooseefiin maal jedhee?

-
2. Aboodhaan lama lammaffaa ta'ee, Yooseef faaya akkamii uffifamee?

a. _____

b. _____

c. _____

3. Dhuma irratti, konkolaataa isaa yaabbate. Mee sirnicha yaadaa. Maal kun deeggarsa akkamitii? Yooseefif sirni innii aboodhaan biyya Gibxi keessatti nama is lammaffaa ta'uun isaa ittiin saba biyyichaatti keeksfame in geggeefame. Fara'oон Fara'oон ta'u

isaa ofii saa labsee,Yooseefi immoo nama dhaga'amuu fi abboomamuufin ta'uuf akka ta'e biyya Gibxitti labsii baase.

4. Fara'oон Yooseefiif maqaa haaraa moggaase. Waqichi maayinnii?

5. Akkasums,Fara'oон Yooseefiin in fuusise. Maqaan itala ishee Fara'oон Yooseefitti heerumsiisee eenyuu? _____

YAADA OFII CALAQQISIISUU(IBSUU): Wanti ta'e kun hundumtuu kan Yooseefiif malee dha jettanii yaadduu? Sirnii fi haalli ittiin aboon isatti kenneme kun xiqqoo humnaa oli jettanii yaadduu? Yookis, kan ta'uu maluu olitti gudatee? Itti gaafatamummaa fi aboo baay'ee cimaa Fara'oон Yooseefitti kenne mee yaadaa. Kabajaan Fara'oон waa'ee Yooseef mul'ise sun hundi saboota biyya sanaa maal hubachiisaa? Namootni Yooseefiif karaa gadhiisuuf jedhu; akkuma yeroo Fara'oон darbu gadi jedhanii qoomma'anu,Yooseefiif gadi jedhanii qoomma'uuf jedhu.

Yeroo xiqqoon dura, Yooseef mana hidha keessa hojjechaa akka yure yeroo yaadnu, guddummaa Waaqayyoo keenyaa himuu malee, kan biraa waan jennu hinqabnu. Dugaadhumaan , Yooseefiin kan daaraa fi dhoqqee mana hidhaa keessaa harkisee baasee iddo guddaa irra isa kaa'e Waaqayyoo dha.

SAMMUUTTI(YAADATTI) QABACHUU: Faarsaan 40:1-3, haala Yooseef keessa ture kan ibsuu danda'uu fi jechoota isin haala jirenya keessanii ittin ibsitanu ta'uu danda'a. Barreessaan faarsaa kanaa,akka Gooftaan iyya isa dhagau'u waan beekuuf waa'ee obsaa dubbata. Yooseefis daaraa fi dhoqqee baattu qodaan itti fe'amuu, kan keessa ka'aamee deeme keessaa, deemsa imaltootaa wajjin gara Gibxii deeme, fi mana hidhaa keessatti irraanfatamee ture keessa darbeera. Guyyaan inni aboorra itti dhaabame kun guyyaa haaraa dha. Gooftaan Faarsaa haaraa, kan akka namoonni Waaqayyoon arganu, akka Waaqayyoon sodaatanuu fi abdii isaanii issa irra akka godhatanu beeksisu gara Yooseef keessa kaa'e. Lakkoofsota kana kaardii yaadannoo(indeeksii) tokko irratti barreessaa. Lakkoofsonni kun abdii fi kaayyoodhaan isisn haa tajaajilanu. Isin jajjabeessanii Gooftaan isinii wajjin ta'uu isaa isiniif haa mirkaneessanu. Yeroo isin akka waan dhoqqeen suphee hidhamaa isaa isin godhatee isin qabateetti yaaddanu illee, Gooftaan tasa illee isin hin irraanfanne, isin hin dhiisnes.

Kutaa 5^{ffaa}

SHAAKALA: Seera Uumama 41:46-57

1. Akka laccoofsa 46 tti Yooseef yeroo hojii mana mootummaa Fara'oon keessaa jalqabu waggaan soddoma. Mee baroota quufaa waggoota kana keessaa
ibsaa _____

2. Laccoofsa 50: Laccoofsa kaan keessatti, waggoota bara quufaa sana keessatti Yooseefii fi Asenaat, ijoollota dhiiraa lamaan akka eebbfaman nutti himameera (hiika dabalataatiif yaadannoo gara jalaa ilaala. Maqaan ijoollota isaanii:

- a. _____, hiikni isaas _____
 - b. _____, hiikni isaas _____
3. Waggaan yookaan waggoonni quufaa akkamiin maatii tokko fedhii isaan midhaaniif qabau miidhuudanda'aa? Waa'ee dhiphinaa(gaddaa),nageenya walii galaa,ilaalchh,kkf. yaadaa _____

4. Waagaan quufaa tokko yookaan lama jireenya keessan keessatti garagarummaa maalii fidaa?

5. Waggoonni quufaa yeroo xumuramani, waggoonni beelaa in jalqabani. Laccoofsa 54 keessattii waa'ee Gibxi maaltu nutti himamee?

BARSIISA: Warri Gibxi miidhaa beelaa hubachuu yeroo jalqabani, sabni sun gara Fara'oon dhufnaan, inni immoo, waan Yooseef isaan abboome akka godhanu isaan abboomee, gara Yooseeffitti isaan erge. Beelli sun yeroo cimaa deeme, gombisaan banamee,midhaanni

gurguramuu jalqabe. Sana booda jeequmsa(rakkinni) xiqqoon in ka'e... Lakkofsi 57, biyyoonni naannoo sanaa hundi beelaan akka rukutaman nutti hima. Kan midhaan yookaan waan nyaatamu qabu Gibxi qofa. Kana irraa kan ka'ee, sabni biyyoota hunduutii Yooseef irraa midhaan bituuf gara biyya Gibxii dhufani “Beelichi guutumaa biyya lafaa hundumaa irraatti baay'ee jabaate”

YAADA DHUUNFAA OFII CALAQISIISUU: TOLE. Amma yeroo isin dandeettii yaaduu (sammuu) keessanitti gargaaramtanuu dha. Beelli kun eenyyuun gara biyya Gibxiitti fiduuf jedhaa?_____

Waaqayyo abbaa fi ilmaan garage ba'an iddootti deebisuu beelichatti fayyadamaa? Yaaqobii fi ilmaanni isaa biyya Kana'aan keessaa beela'aa jiru;Yooseef immoo quufa biyya Gibxi keessatti kuufame gadi yaasaa jira. Yooseef waa'ee obboloota isaa fi waa'ee guutummaa maatii abbaa isaa irraanfateera(Lakkofsa 51). Yooseef, kan karaa dhiphina isaatiin isa fidee biyya Gibxitti,biyya inni jalqaba keessatti dhiphatte keessatti, akka ija godhatu isa taasise Waaqayyo Gooftaa qofa akka ta'e beekeera.

Seena kana keessaa iddo kun, yeroo Gibxiin turetti gidiraa Yooseef keessa darbe irra caalaa akka hubannu nu taasisa. Yeroo dhufe waara Gibxitti hin dubbanne. Aadaa fi barsiifata namoota biyya sanaatiif keessummaa ture. Akka ejjituutti lakkaa'amee, kanumaan hidhame. Garuu,Waaqayyo Gooftaan akka isaa wajjin ture nutti himameera. Amma garuu yeroo Fara'oon mataan isaa ulfinaan isa gonfu, yeroo ilmaanni lama isaaf dhalatanu, waggoota keessatti iyya graan isaa iyyu dhageeffanna. Iyyi isaas “ Kun akka naaf ta'uuf ani maal godheetanii?” kan jedhuudha. Ammas, guutummaa biyya sanaa keessatti aboodhaan nama isa lammaffaa yeroo ta'u, iyya garaasaa kan isa duraatiin walfakkaatu, garuu sagalee adda ta'een kan iyyame dhageeffanna. “Kun hundi akka anaaf ta'uuf(anaaf maluuf) ani , wanti ani godhe maayinnii?” kan jedhuu dha.

Waggoota kana hundumaa keessatti, ayyanni Waaqayyoo Yooseefii wajjin ture. Yooseef Waaqayyo isa kan abboota isaati, isa waaqota tolfamaa kan warra Gibxii irraa baay'ee adda ta'ee wajjin walii gale. Waaqayyo kun Yooseefiif hoo'aa(araara) qabeessa ture. Yeroo inni gar malee dhiibame illee isa hin dhiisne. Waaqayyo muuxannoo fi shaakala jireenyaa Yooseef

keessa darbetti gargaaramee, utuu Yooseef kana hinbeekin, nama inni gara fuula turaatti ta'uuf deemaa jiru godhee isa bocuudhaan, akka Yooseef abbaa isaatii fi maatii abbaa isaa wajjin deebi'ee walitti makamuif isa qopheesse.

JIREENYA DHUUNFAA OFIITIIN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Utuu hin barbaadin gargar ba'uun hadhaa'aa ta'e, namoota jaal'atanu irraa isin fageesseeraa? Keessumattuu namni addaa tokko, kan sammuu keessanitti dhufu jiraa?

2. Karaa ittiin bilchina argattanii, amma yeroon walitti deebi'uuf , adeemsi haala mijeessuu itti eegalamu ta'uu isaa itti beekatan yaaduu dandeessuu?

3. Haala waan gara fuulduraatti ta'uuf jiru yaaduu isin dandeessisuun,gidiraa keessan yeroo darbee akkamitti ilaaltuu laataa?

4. Erga gargar ba'iinsaa hadhaawaan isisn keessa darbitan sanaatii as haalli keessan ammam jijiiramee?

KADHANNAA: Jechooma mataa keessaniitiin,iyya garaa keessanii gara Waaqayyo Gooftaatti ol kaasaatii, “Kun hundumtii akka anaaf ta'uuf ani maaliin godhee?” jedhaa.

Karaa ayyana isatiin birmadummaa inni isiniif kennef Waaqayyoof galata dhiyeessuudhaan , kadhanna Waaqayyoon jajachuutiin garaa keessan gara Gooftaatti ol kaasaatii, “Kun hundumtii akka anaaf ta'uuf ani maaliin godhee?” jedhaa

BARNOOTA AFURAFFAA

OBBOLEESSA KEESSAN ISA QUXISUU GARA KOO FIDAA

SEERA UUMAMAA 42 FI 43 -GEGGEESSICHA

AGARSIISA BARNOOTA 4FFAA

Mul'istuu

Seensa

Barnoota 4ffaa: Seera Uumamaa 42-43

- Ilmaanni Yaaqoob Gibxitti ergamani
- Akka keessummoottaa fi basaastuutti lakkaa'aman
- Arjummaa Yooseef
- Balleessaa hinhiikamne (Dogoggora hin sirroofne)
- Gara kana'aanitti manatti deebi'uun
- Yooseefii fi Biiniyaam

OBBOLEESSA KEESSAN ISA QUXISUU GARA KOO FIDAA

SEENSA

Beelli sun kan inni hammaate biyya Gibxi keessatti qofaa utuu hinta'in, guutummaa biyya hundaa, kana'aan biyya Yaaqoob ilmaan isaa wajjin jiraatu dabalateetu. Oduun, biyya Gibxii midhaan jira! jedhu bakke jira. Kun Yaaqoobii fi ilmaan isaatiif, maatii isaaniitifis, maal jechuu turee? Yeroo obboloota isaa argetti, deebiin Yooseef maal ta'a turee laataa? Amala(haala) akkamii akka inni isaanitti argisiisu eegduu? Utuu isaan obboloota keessan ta'anii, waan yooseef irraan ga'an isin irraan ga'aniiru ta'ee maal gootuu?

Yooseef balleessaa tokko malee hidhamee ture. Obboloonni kun sammuu isaaniitiin hagam akka isaan miidhamanii hidhaa keessa turan mee tilmaamaa. Waggoota kana hundumaa keessatti, mee waan isaan hidhee ture barbaadaa. Jirenya guutummaa gabu maaltu isaan saamee(Akka isaan jirenya guutuu ta'e hin jiraanne wanti isaan godhe maayinnii)?

Yooseef gaaffii jajjabaa muraasa isaan gaafate. Mee deebii isaanii barbaadaa. Dhuma irratti guduunfaan isaan irra ga'an maayinnii? Bulchaan biyyichaa utuu isaan bareera ta'ee, adabbiin isaan irra ga'u maal ta'a turee? Midhaan dhowwatamu(midhaan bitachuu dhorkamu) turee laataa? Abban isaanii waa'ee isaanii waan dhugaa ta'e ni beekuu ni danda'a turee? Waan obboleessa isaanii Yooseef irraatti hojjetan irraa kan ka'e, mana hidhaa galu turanii, yookaan in ajjeefamu turanii laataa?

Ammas gaaffii tokkotu nuuf hafee jira: Wantoonni nuyi hojennee yookaan utuu hin hojjettin nu hidhatanii jiranu maayinnii? Maaltu nu hidhee yookaan nu daangessee jiraa? Wantoonni jirenya keenya keessaa hin furamin/hin sirraa'in maayinnii? Gaaffii kana of gaafachuu qabna: Garaa Yooseef qabaachaa ture barbaadaatii, nagaa Waaqayyoo Gooftaa isa hubannaa sammuu namaa gararraa ta'e baraa(hubadhaa).

OBBOLEESSA KEESSAN ISA QUXISUU GARA KOO FIDAA

Kutaa 1^{ffaa}

SEENSA: Yooseef karaa dheeraa deemeera. Waaggaa kudha torbaffaa isaatti baattuu meeshaan keessatti fe'amee deemuu keessatti of arge;waggaa sodomaffaa isaatti, biyya Gibxi, biyya Fara'oonitti, aboodhaan nama isa lammafaa ta'e. Biyyichis karaa dheeraa deemeera. Waggoota torbaan darban keessatti, biyyattiin quufaan beekamtee midhaanni irraa hafaa ta'ee gombisaanii fi kuusaan midhaanii hundi midhaan baay'ee dhaan guute. Amma waggoota torba booddee miidhaan beelichaa, namoota biyya Gibxii fii biyyoota naannoo sana jiaraatanu hundumaatti beekame. Sababa Fara'oon jechoota akekkachiisaa Yooseef itti hime dhaga'e, biyyi sun guutummaan isaa kan qindaa'ee fi baroora hamaa baay'ee gadhee ta'an kanaaf qophii barbaachisaa godheera. Dubbich bakkee jira. Biyyi Gibxi midhaan qabdi! Oduun kun Gibxiin karaa dinagdee,karaa siyaasaa fi, gama waaqa tolfamaa isaanii kan misoomaa illee hagam akka fayyadee ture hubadhaa.

ABBALTII: Seera Uumamaa 42 dubbisaa

SHAAKALA: Haalli kanaan keessaa gadee ta'eera;Yaaqoobis midhaanni akka biyya Gibxi jiru dhaga'eera.

1. Lakkofsota 1 fi 2 keessatti Yaaqoob ilmaan isaa wajjin waan dhiphate fakkaata. Obboloonni isaa erga Yooseefiin gurguratanii waggoonni digdamin darbaniiru. Jarri amma namoota gurguddaa ta'anii, umurii itti abbaa isanii dulloomaa jiru kunuunsuu qabanu irra akka jiranu yaaduu qabanu irra jiru. Bakka kanaa, waa'ee haala sanaa maaltu isintti dhagahamaa?
-
-

2. Yaaqoob akka isaan maal godhanu itti himaa?

3. Lakkooftsa 3: _____ alatti, hundi isaanii midhaani bituuf gara Gibxii gadi bi'ani. Inni maaliif manatti hafee? _____

4. Lakoofsa 6 keessatti, bulchaa biyyattii ta'ee kan midhaan gurguru Yooseef akka ta'e ibsa. Obbloonni sun ach gahanii Yoosefiin wal argan. Kan jalqabaa wanti isaan godhanu maalii? _____

5. Lakkooftsa 7 keessatti maaltu nutti himamee? _____

Yooseef isaan keekeera, garuu akka inni isaan bare akka isaan beekanu hin taasisne. Bakka kanaaakkamiin isaanitti dubbatee? _____

6. Maal isaan gaafatee? _____

7. Obbloonni sun midhaan bitatanu barbaadu malee, obboleessa isaanii isa jaal'atamaa turee, kan isaan tuffachaa, jibbaa turan, barbaaduu hin deemne. Garuu, haalonni jijiirramaniiru. Minjaalonni garagalaniiru. Yooseef akka isaan midhaan barbaadanu beekeera. Yaadannoo qaxxaamuraa kan lakkooftsa 9 keessatt jecha abjuu jedhutti aanee dhufu ilaala. Seera Uumamaa 37: 5,9 itti deebi'aatii seenaa abjuu Yooseef irra deebi'aa dubbisaa. Yooseef akka keessummaatti isaan qabuu itti fufe. Lakkooftsa 9 keessatti himataa maalii isaani irratti dhiyeessee? _____

8. Namoota kudhanii fi Yooseef, Yooseef garuu bulchaa biyyaati. Yooseef kaardii murtoo of harkaa qaba. Midhaan isaan fuudhanii abbaa isaaniitiif kana'aanitti deebi'anu Yooseeftu qaba. Yooseef want inni cimsee barbaade (isaan gaafate) maayinnii?

9. Lakkoofsa 11 fi 13 keessatti waa'ee maatii isaanii Yooseefitti maal himanii?

10. Yooseef gara jabeessa. Ammas basaastummaadhaan isaan himaachuu itti fufeera. Lakkoofsa 15 keessatti qorumsa akkamii isaan irratti abboomee?

11. Yooseef maaliif gaaffilee kana isaan gaafata jettanii yaadduu? Yooseef maal baruu barbaadee?

12. Lakkoofsa 16-17: Abboomonni (ajajni) Yooseef maalfaa turanii?

Akkaataa gara jabeenya qabuun isaan rakkisuu itti fufe. Wantoonni isaan isatti himan dhugaa ta'uu isaanii qoree bira ga'uu barbaada. Waa'een mana isanii biyyaa dhugaadhaan akkuma isaan isatti himan ta'uu isaa baruu barbaade.

Kutaa 2^{ffaa}

SHAAKALLI ITTI FUFA: Erga hidhamanii guyyaa sadii ka'aniiru.

1. Guyyoota kana keessatti obboloonni kun maal yaadaa, mal dubbachaa turan jettanii yaaddu ? Mana hidhaa sana keessaa deebinee in baana jedhanii yadaniiruu laataa? Bulchaan biyyaa kun kan inni haala gara jabeenya qabuun obboloota kana qabeef, waaltu ta'aa waan tureefii? Isin utuu namoota kanaa wajjin too'annaa jala jurtanii, haasaan isin bulchaa sanaa wajjin haasoftanu akkam ta'a turee?

2. Yooseef ajaja isaa jijiire. Namoota sanatti maal itti himamee?

a. Lakkofsa 18:

b. Lakkofsa 19:

c. Lakkofsa 20

3. Lakkofsi 21-22, gaddaa fi gaabbii obboloonni kun waggoota kana hundumaa baachaa turan agarsiisa. Jechoota keessaniin, gaabbiin isaan baataa turan maal turee _____

4. Ruuben of deeggaruu barbaade. Tarii “Obbo, An Isiniti Imeeraa” jennee isa waamuu dandeenya. akki yookaan himaannaan sun maal turee?

Waan godhe himuun isaa kun yeroo jalqabaatiifi jettanii yaadduu?

Himaannaan isaatii maal turee?

5. Mul’anni barbaachisaan lakkofsa 23 keessa jiru maayinnii? Ammaan duraa waa’ee kanaa yaaddanii beektuu? _____

6. Dubpii obboloota sanaatiif deebiin Yooseef maal turee?

Ariidhaan erga isaan wajjin achii bahee booda irra deebi’ee ajajni isaa maal turee?

7. Lakkofsa 25: Yooseef arjaa(hoo’ a qabeessa) ture. Arjummaa isaa akkamiin ibsee?

1. _____,
2. _____, fi
3. _____.

Kutaa 3ffaa

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Yooseef obboloota isaatiif waan isaaniif hin malle kenneef. Isaan isa ajeessuu barbaadani ,inni garuu gara laafina isaanitti agarsiisa. Seera Uumamaa 39:21 tti deebi'aa. Yooseef mana hidhaa jira. Lakkofsichi, Waaqyyo Yooseefii wajjin ture jedhee nutti hima. Itti fufee, Waaqayyo gaarummaa isaa fi gargarsa isaaYooseefitti agarsiise jedha. Mee yeroo gabaabaadhaaf seenaa Seera Uumamaa 42:25 keessa jiru irratti yaada keessan calaqqisiisaa. Gala-laafina yookaan arjummaa Yoosee argitaniittu. Obboloota isaatti gara-laafina(gaarummaa) itti agarsiise. Akkuma baroota hundumaa keessatti Waaqayyo isaaf gaarii ture,Yooseefis obboloota isaatti gaarummaa itti argisiise. Garaa Yooseef Waaqyyo akka obboloota isaatti hidhe(akka garaa laaffiseef) ifaa dha. Yooseef waggoota darban sana keessatti hammeeny a yookaan haaloo obboloota isaa irratti hinqabanne. Egaa amma jaalalaan moo'amee, gaarummaa isaanitti agarsiisuudhaan itti araaramuu yookaan dee'ianii obboloota sanaa wajjin tokkummatti dhufuu barbaade.

Deebpii obboloonni sun gaarummaa Yooseef isaanitti argisiiseef deebisanis yeroo fudhannee ilaallee yaada keenya irraatt calaqqisiisuu barbaanna. Dogoggorri yookaan hammeenyi, namoota kaan irraa kennaa jaalalaat akka hin fudhanne akka nutaasisu hubachuun gaariidha. Yakki yookaan hammeenyi, yeroo ofuma keenyaaf illee dhiifama gochuu dadhabnu, mataa keenyattii yookaan ofii keenyatti illee addaan nubaasa. Yeroo waan hamaa nomoota kaan irratti hojenneef ofii keenyaaf dhiifama ofiif gochuu dadhabnu, hammeenyi yookaan dogoggorri(gaabbiin) offi keenyati addaan nubaasa. Akkasumas yakki yookaan dogoggorri, Waaqayyottii addaan nubaasa. Hubannaamalaa cubbamoota ta'uu keenya sammuu keenyaan beeknuun uumamne. Yakka Waaqayyoo keenya irraatti hojenneef nuyi cubbamoota (kan dodoggora gabnuu dha). Hojiin keenya dogoggoraa (yakki keenya) kan inni ifaa ta'ee nutti mul'atu, yeroo karaa sirrii hin taaneen walii walii keenya miidhuu keenya hubannu(amantu) dha. Yakki yookaan dogoggorri nuyi baadhannee deemnu, waan hundumaa nu dhabsiisa. Hunda irra caalaa jirenya guutuu ta'ee fi kan birmadummaa qabu akka hinjiraanne nu taasisa, akkasumas

kirenya Waaqayyoo wajjinii isa iraarrii fi jaalalli isaa keessa jiru akka nuti hin jiraanne nu taasisa.

Waaqayyo jaalala isaa namoota hundumaaf kennuu barbaada. Jaalala kanna immoo ayyaana Waaqayyoo jennee waamna. Ayyaanni jaalala Waaqayyoo isa akkuma jaalalli Yooseef obboloota kurnan kanaaf hin malle, kan nuuf hin mallee yookaan kan nuti argachuu hin dandeenye turree dha. Yooseef akkan inni isaan jaal'atu obboloonni isaa akka hubatanu barbaade. Yakka isaanii isaaniif dhiiseef. Akkuma kana, Waaqayyos yakki nuti ofii keenya irratti baanee deemnu, dhiiga Iyyesuusiin aguugamuu isaa akka nuyi hubannu barbaada. Iyyesuus, Isa cubbuun nuyi isa irratti hojenne akka nuuf dhiifamuuf nuuf jedhee du'eedha. Hammeenyi yakki keenyaa ittima fufee karaa keenyatti nu hordofuu barbada. Amma illee isa sobaa amma iyyuu cubbamoota akka taanee fi jaalalli Waaqayyoo kan nuuf malle akka hintaane nutti himu sana amanna; affeeraan Waaqayyoo nu affeero, kennaa jaalala Isaatii isa bilisa karaa Iyyesuus nuuf kenname akka fudhanuu dha. Efesoon 2:8-9 keessatti waan inni jedhu as irratti barreessaa.

Jaalalli isaa qulqulluu fi kan namaan hin mallee dha. Jaalalli kun kennaa Waaqayyoo kan tola nuyi cubbuun keenya nuuf dhiifamuuf fi yakki keenya karaa jirenya Iyyuus Ilma isaa, karaa du'u isaa, fi du'aa kaa'u isaa nurraa kaafamuu amanuu dhaan argannuu dha. Araarri isaa kan tolaa birmadummaa keenya dha.

SAMMUUTTI QABACHUU: Boqonnaadhuma kana keessatti, Ergamaan Phaawolos Ergaa gara Efesoon 2:4 keessatti jechoota armaan gadii barreessa:

Waqqayyoo garuu

_____ nu jaallate. Nuyi _____ nu
godhate; isin

fayyifamtaniittu.

Kutaan kun misiraachoon yookaan oduu gammachiisaa waa'ee Jaalala Waaqayyoo karaa Iyyesuuus nuuf kennname of keessaa qaba. Jechoota kana akkuma duraanii kaardii yaadannoo (Indeeksii) keessan irratti barreeffadhaatii, lakkofsota kana qaamaa mana kitaabaa sammuu keessanii godhadha. Guyya guyyaadhaan jirenya keessan yeroo jiraattanu, sagalee jaalalaan kan Waaqayyoo abbaan nu wajjin hirmaachuu barbaadu kanaa haareffamaa, nuutuu kan hintaane, garuu kan araara arganee fi kan gara Waaqayyootti deebinee birmadummaa baanee, bilsoomnee , jaalala isaa fi araa isaa namoota kaanii wajjin kan hirmaannu ta'uu keenya yaadatti wabadhaa.

Kutaa 4ffaa

JIREENYA OFIITIIN (DHUUNFAADHAAN) HOJII IRRA OOLCHUU: Yakka jirenya keenya keessatti yeroo arginu, karaa lamaan isa ilaaluu qabna. Jalqaba, akkuma Yoosee, namani wanta dogoggoraan yookaan yakka narratti hojjete

jiraa _____ ?

Jaalala isa guddaa Waaqayyo anaaf qabuu fi akkamiin akka inni arjummaa jaalala isaa narratti dhangalaasu yaadachiifamaa tureera. Mee amma namicha ani maqaa dha'e kana akkamitti ilaala(maal irratti raawwachaa)akkan ture irratti yaadakoon calaqqisiisa.

- a. Karaan qabatamaadhaan jirenyi koo jaalalaWaaqayyoo fi araara isaa namicha kanatti mul'isaa ture maayinnii?

 - b. Jirenya koo keessa kan ani akka Waaqayyo naa wajjiiniin ta'ee, jijiirama jaalala isaa fi araara isaa namoota kaanitti agarsiisuu nadandeessisu akkan fidu kanan barbaadu maayinnii?

2. Kana irrattits, yakka kallattii obboloota sanaatiin ilaaluu qabna. Yakki isisn jechaan yookaan gochaan nama tokko irratti raawwatanii, kan gochuun keessan immoo nama sana akka gaddisiise kan garaan keessan addaan baasee beeku tokko jiraa? Nammi sun eenyuu?
-

- a. Wanti inni itti gadde sun maalii?
-

Enyuu keenyaa iyyuu yakka keenya amanee fudhachuun waan salphaa miti. Akku Ruubeen, balleessaa keenya iddo bira malee, of irra kaa'uu hinbarbaannu. Mee obboloota waggoota dheeraadhaaf balleessaa isaanii baatanii turan kana ilaala. Wanta hojjetan amauu hin dandeenye. Seera Uumamaa 42:21 keessatti sgalee akkas jedhu dubbifanna... “Nuyi dhuguma obboleessa keenyatti balleessineerra; lubbuun isaa isa keessatti dhiphachuu isaa utuma arginuu, utuma inni nukadhatuus isa dhaga’uu dinne; kanaaf dhiphinni kun nutty dhufe” jedhan. Kana irratti, “akkamumatti kana gochuu dandeenyee?” jedhanii iyyaa jiru. Yakka keenya yeroo beeknu, gaaffii kana of gaafachuu qabne, “ Maaliifan yakka koo qabdhee taa’aa?” Gaaffiin kun deebi’uu qaba. Kan ani yakka kootti qabamee jiraadhuuf sababan naman yakketti hin araarmneefii? Kan ani yakka kootti qabamee jiruuf wanti ani godhe tasuma dhiifama argchuu waan hindandeenyefii? Kan ani yakka kootti qabamee jiruuf sababii karaan kun karaa ani yakka koo itti qabuu fi yakka koo keessa jiraachuun waan natti toluufii?

- b. Yakki fedha Waaqayyo jirenyaa kootiif qabu akka hin taane waana beekuuf, yakka koo irratti tarkaanfii akkamii fudhachuutu narra jiraa? Waaqayyo akka ani jirenya birmadummaadhaan guute jiraadhu barbaada.
-
-
-

KADHANNAA: Yaa Gooftaa garaa birmaddumaa isa yakka keessatti gammadu fudheen fula kee dhufa Madaa baroota darbee baachuu hin fedhu, garuu jirenya birmadummaadhaan guute jiraachuun nandanda. Sababii du’uu fi du’aa ka’uu iyyesuus cubbuun koo akka naaf dhiifame nan amana. Inni anaaf du’eera! Sii wajjin jiraachuuf birmaduu ba’eera!. Ati jaalalaa fi araara kee natty argisiisteetta. Namoota kaanitti akkan araara argisiisu na dandeessisi. Cubbuu koo waan natty hin lakkofneef galanni siif ahat’u. Tola Ayyaana kee isa karaa Iyyesuus Kirstoos kana koo ta’een waan na jaallateef galatoomi.

Kutaa 5ffaa

ABBALTII: Seera Uumamaa 42:29-38 irra deebi'aa dubbisaa. Yeroo obboloonni kun gaaffii, "Wanti Waaqayyo narratti godhe kun maalii? Gaaffii jedhu sammuu isaanii keessa naannessaa, gara mana isaaniitti deeb'aa turan, haasawaa gidduu isaanii ture(waan isaan waliin dubbachaa turan) yookaan waliin dubbachuun gidduu isaaniitii dhabamuu yaadaa.

SHAAKALA: Ilmaan Yaaqob ammas gara maantti deebi'anii galaniiru. Yeroo seenaa isaan irra gahe abbaa isaaniitti himanu jeequmsa ture mee yaadaa. Hundi isaanii ammam bita itti galee jeeqanmaniiru ta'a laataa.

1. Lakkofsa 30-34 keessatti seenaa gaabaasaa isaan abba isaaniitiif fidanii dhufanii argina.
Wanti hundi wanta qajeelaa fakkaataa?

2. Lakkofsa 35 keessatti waan tokkotu uumama. Lakkofsa 27 keessaati obboloota sana keessa inni tokko utuu deemanuu bakka bulan yeroo ga'an, haree isaatiif nyaata kennuudhaaf yeroo qalqala isaa hiiku, horii ittiin midhaanni bitame afaan qalqala sanaa keessatti argate dubbisuu keenya yaadadhaa. Itti dabalee, lakkofsa 35 keessatti maaltu ta'aa?
Qarshicha yeroo argan deebiin isaanii maal turee?

3. Dubbiin Yaaqob ilmaan isaatti dubbate maayinnii?

Kanaaf, kun waa'ee maaliitii? Dhugumaan Yaaqob ilmaan isaa warra kudhan kanaan waal jechaa jiraa?

Lakkoofsa 37 keessaatti Ruuben in aasa'e. Wanta Yooseef irratti godhamee fi gadda abbaa isaa ilaachisee, Ruubenitti itti gaafatamummaan itti dhaga'ameera. Maal jedhaa? _____

4. Yaaqoob nama yaada isaa jijiiru miti. Deebiin inni deebise maayinnii?

Yaaqaab caalchifanna isaa gara Biiniyam , ilam haadha manaa isaa kan Raahel isa kan biraatti dabarsuu mul'iseera. _____

5. Biiniyaamiiniin caalchifachuun Yaaqoob maatii kana keessatti shakkii yookaan yaada waraan-lammii akkasii jaa'e laataa? _____

BARSIISA: Beelichi biyya sana keessatti ittuma cimaa waan deemeef, Yaaqob ammas ilmaan isaatii dhaqanii akka isaan midhaan bitanuu deebisee gara Gibxitti isaan erge. Yihudaan wanti bulchaan biyya sanaa jedhe maal jechuu akka ta'e abbaa isaatiif ibsuu jalqabe. Yaaqob abbaan isaanii Biniyaamiin isaan wajjin yoo erguudhaabaate, deemuu isaanii akkasumaan kan bu'aa hinqabne ta'uu Yihudaan beeka ture. Yaaboob kana booda, ilmaan isaatiin , isin maaliif bulchaa biyya Gibxi sanatti odeeffannoo kana hundumaa itti himtan jedhee gungumuu jalqabe. Jarris baay'ee gadi fageenyaan akka gaafatam, akkasumas odeeffannoo sana himuun kan deebi'ee isaan irratti mormii kaasauu ta'uu isaa kan hin beekne ta'uu isaanii ibsani. Yihudaan rakkinchu fuula Yaaqobitti dhi'eesse: Biiniyaamiin ergi. Ani itti gaafatamaa nan ta'a. Wanti tokk yoo uumama, bara kee hundumaa namni atti himatti ana.

ABBALTII: Seera Uumamaa 43 dubbifadhaa. Yaaqoob utuma hinbarbaadin tole jedhee; Biniyaamis obboloota isaa wajjin gara biyya Gimxi deeme.

SHAAKALA

1. Wanti Yaaqob ilmaan isaa wajjin erge hundi kennaa namicha bulchaa biyya Gibxii sanaaf kennammu akka ta'e hubadhaa. Lakkoofsa 12 keessatti maaltu dabalamee? _____

Yaaqob, obboloonni sun horii dogoggoraan deebi'e sanaaf meetii deebisanii kaffaluuf akka qophaa'anu isaanitti hime.

2. Yeroo Ilaan isaa deemuuf karaa irra bu'an kadhannaan Yaaqoob ilmaan isaaf kadhate maal turee(Lakkoofsa 14)?

3. Obboloonni sun ariifatanii gara Gibxitti gadi bu'anii ofii isaanii Biiniyaamii wajjin fuula Yooseefitti dhiheessani. Ajajni Yooseef hojjettoota isaatiif kenne maayinnii?

4. Namoonni sun gara mana Yooseefitti geessamani. Lakkoofsi 18 akka isaan

nutti hima..

5. Soba yookaan yaada dogoggoraan yakki isaanii sammuu isaaniitti fide isaani. Yaadni xumuraa yookaan guduunfaan isaan irra gahan maayinnii?

-
6. Kanaaf dhimma isaani hojjetaa (keessummeesaa) manichaatti himanii, inni immoo akka rakkinni tokko hinjirre, wanti hundinuu gaarii ta'uu itti hime. Innis kennaa meetii isaan fidan harkaa fuudhe. Lakkofsa 23 keessati inni maal jedhee?
-
-

BARSIISA: Seenaan sun itti fufee, obboloonni sun dhimma isaanii hojjetichatti ibsanii, waa'ee horii qalqala isaanii keessatti argame sanaa waan tokko kan hinbeekne ta'uu isaanii ibsanii, ammas midhaan bitachuu akka barbaadanu isatti himani. Itti aanee hima: "Horii keenya eenuy akka qalqala keenya keessa kaa'e nuyi hin beeknu (Lakkofsa 22)," jedhutu dhufa. Hojjetaan sun wanti isaan sodaachisu tokko illee akka hinjirre isaaniif mirkaneesse Akkas ittiin jedhe, "Ani nama horii isin argitan sana isiniif kenne hinbeeku; horii isin kaffaltan nai fuudheera. Galmeen koo kaffaltii guutuu kaffaluu keessan argisiisa!! Waaqa keessan, Waaqayyo isa kan abboota keessaniitu qabeenyaa (horii) isin qalqala keessan keessatti argitan sana isiniif kenne ta'uu danda'a. Ani homaa isin irraa hin qabu." Asitti gaaffiin gaafatamuu qabuu : "Egaa erga horiin nuyi midhaan sanaaf kaffaluuf turre qalqalala keenya keessatti argamee, gatii nurra jiru kan midhaan nuyi fudhannee galley eenyutu kaffalee?" Yookaan immoo, "Erga midhaanni qarshii nuyi fidnee dhufneen bitame yoo ta'e, horii dabalataa nuti qalqala keenya keessatti arganne kana eenyutu nuuf kennee?"

Seera Uumamaa 42:25 keessa deebi'uudhaan, Yooseef hojjetaa isaatiin akka inni tokkoon tokkoonisaaniitiif horii isaanii deebisuufii, akka inni gala karaatti nyaatanu isaaniif kenu hojjeraa isaa abboomuu isaanii yaadanna. Yooseef gatii obboloota san irra jiru baasuuf itti gafatamummaa ofii isaa irratti fudhate. Gatii midhaan obboloonni sun fudhatanii galanii, Yooseef qashii mataa isaatii kaffalee gatii isaani irra jiru kaffale. Amma jarri birmadummaa argataniiru. Gatiin irra hinjiru. Humtuu irra hinjiru.

WAA'EE WAAQAYYOO KAN NUYI BARANNU: Kutaa kana guutummaa isaa keessatti Waaqayyo akka Yoosee wajjin turee, akka inni gaarummaa Isaa Yooseefitti argisiisee fi namoota

hundumaa duratti akka inni jaal'atamaa fi filatamaa isa taasise baranneerra. Haala addaa kana keessatti jirenya Yooseefii fi jirenya obboloota isaa irraa tokkummaa yookaan walitti dhufeenya Waaqayyo nuu wajjin qabu baranna. Yoo nuyi walitti dhufeenya isaa wajjin qabnu addaan cabsinee, karaa mataa keenyaa filannee waan barbaanne hojjennu illee, jaalala isa guddaa nuuf qabu irraa kan ka'e ,gatii cubbuu keenyaa nuuf kaffaluuf gatii baase. Gatiin sun gatii du'a barabaraa ture;akkumas, kennaan jaalala Waaqayyoo karaa du'uu fi du'aa ka'uu Iyyesuu jirenya barabaraati. Karaa wal-fakkaataadhaan., Yooseef Waaqayyoo fi jaalala Waaqayyoo isa guddaa nutti argisiiseera. Yooseef gatii obboloota isaa baasee(kaffale). Jara irra gatii hundatu irra ture; inni garuu homaa isaan hin kaffalchiisne. Waan hundumaaf kunuunsa godhe. Gatii hundumaa in kaffale! Inni gatii isaan irra jiru hundumaa isaanif dhiisee, jarris jirenya gatii(idaa/baasi) irraa bilisa ta'e jiraachuu eegalani.

Jirenya gatii irra bilisa ta'e jiraachuu shaakaltaniittuu? Jirenya yak yookaan balleessaa irraa bilisa ta'e jiraachuu shaakaltaniittuu? Leeyyoo/qaanii irraa kan bilisa ta'e? Yakka yookaan hadheessuu namootaa irraa kan bilisa ta'e? Abbaan keenya Inni Waaqa irraa, amantiidhaan kennaaraara Isaa(dhiifamuu cubbuu) fudhannee jirenya gatii (balleessaa) irraa bilisa ta'e jiraachuutti nu affeera.

SHAAKALA(itti fufa):

1. Kana booda Simoon gara isaanitti fidame(Lakkoofsa 24) .Motich akka isanii wajjin maaddiitti dhiyaatu(nyaatu) qophiin in godhame. Kennaan kennamu in qophaa'e. Horii fe'isaa isaanitiif iddoon qophaa'ee, miilli dhiqatame nyaataaf qophiin godhameera. Yooseef yeroo gara manaa galu, jaraa fuula isattti gadi jedhee qoomma'u isaan simate. Maal isaan gaafataa(Lakkoofsa 27) ?
-
-
-

Isatti himanii (gabaasanii), isa booda ammas irra deebi'anii fuula isattti gadi jedhanii qoomma'ani(Lakkoofsa 28).

2. Itti fufee waan'ee Biiniyaam isaan gaafate. Shakkii malee, bifni obboleessa isaatii jijjiirameera waan ta'eef, sun dhugumaan Biinyaam ta'uu isaa mirkanoeffachuu barbaade.

Jechoonni Yooseef Biiniyaamiin jedhe maal
turanii?

Amma yeroo Yooseef obboloota isaatti dubbatu, hammeenyi akka isa irraa deemee akkaataan inni jaratti haasa'e irraa yaaddaniitu?

3. Lakkoofsi 30n garaa Yooseef obboloota isaatiif, keessumattuu, Biniyaamiif- ilma haadha isaatiif qabu agarsiisa. Baay'ee keessi isaa waan raafameef obsuu dadhabee kutaa sana keessaa ariifatee bahee iddo itti boo'u barbaacha dhaqe. Kutaa dhuunfaa isaa seenee boo'ich isaa xumure. Karaa imimmaan isaa kan inni of keessaa baase, kan waggoota kana hundumaa keessaatti isa keessa turee, amma garuu ifee ija obboloota isaa duratti mul'ate maal turee? Yeroo dargaggoota turanitti walitti dhi'eenyi Yooseefii fi Biiniyaam ammam turee? Cophni xiqqoon qodaa keessaa walitti dhufeyna maatii kanaa, keessumattuu kan obboloota kana lamaanii miidheera.

KADHANNAA: Seenaan kun akka hin xumuramne ifaa dha. Barnootni 5^{ffaan} seenaan itti aaneen jirenyia Yooseefii fi kan obboloota kanaa keessatti ta'e itti fufee nutti hima. Waaqayyo akkuma jaraa wajjin ta'ee gara tokko ta'uutti isaan fide, akkasuma nuunis gara namoota jirenyia keenya keessaa, kan nuyi jaallanuutti nu dhiyeessuuf nuu wajjin jira. Fedhii jaalala isaatiif qabdanu kan namoota hundumaa wajjin hirmaachuu barbaaddanu, gammachuu garaa isaatti deebi'uu fi jirenyia barabara isaa wajjiniitiif dheebuu qabdanu Gooftaatti beeksisaa.

BARNOOTA SHANAFFAA

ANI YOOFEEFI!

SEERA UUMAMAA 43-45 -OBBOLEESSICHA

AGARSIISA BARNOOTA 5^{FFAA}

Agarsiisa

Seensa

Barnoota 5^{ffaa} : Seera Uumamaa 43-45

- Yooseef obboloota isaa wajjin maaddiitti dhiyaate
- Isa jaallatamaa

Obboloonni sun ni qabamani

- Ama irra deebi'anii fuula Yooseefitti dhiyaachuu
- Eenyammaan Yooseef ni mul'ate

ANI YOOSEEF!

SEENSA

Yeroon itti Yooseef eenyummaa isaa mul'isu ga'eera , garuu odeeffannoон hafe tokko murtoo argachuu qaba. Yooseef maaliif obboloonni kun, obboleessa isaanii isa quxisuu akka fidanu baay'ee barbaadee? Yooseef maaliif obboleessa isa quxisuu kana kennaa isaatii fi nyaataa isaaф kennameen warra kaan irra caalchisee? Biiniyaam inni quxisuun maaliif akka obboloota warra kaaniitti hin ilaalamnee- yookaan Yooseef maaliif obboloota warra kan biraahunda akka Biiniyaamiin ilaaletti hin ilaallee— Barnoota ^{5ffaa} keessaa Yooseef utuu ofii isaa isaanitti hin mul'isin dura wanti inni baruu barbaade maal akka ta'e barbaadaa argadhaa.

Yooseef obboloota kanaaf yeroo rakkisaa isaa niif kenne. Hojii gadhee fi wanta hamaa isaan isaa irratti raawwataniif deebii isaa niif deebisaa yookaan kaffalaafii turee? Yooseef waa'ee dhiifamaa maal nu barsiisaa? Dhiifamni dugda-baasi yookaan ijaa ba'uu nurraa barbaadaa utuu nun gadhiisini? Dhiifama gochuun maal nama irraa barbaadaa,yoo jiraate?

Yooseef waan obboloonni isaa hinbeekne tokko amaneera.Waa'ee Waaqayyo isaa kan akaakayyoota yookaan abootii isaa duraanii isaa kan Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaaqob, waan Yooseef beekee fi amane barbaadaa argadha. Kun immoo hiikni isaa jirenya keessaniif amaal akka ta'e barbaadaatii bira gahaa.

Kutaa 1^{ffaa}

SEENSA: Yaaqob dhuma irratti, Biiniyaam obboloota isaa salganii wajjin gara Gibxi akka deemu walii gale.. Kennaa bulchaa biyyichaatiif fe'atanii, midhaan bitachhuf gara Gibixitti qajeelani. Garee imaltootaa xiqqoo kana dhiphinatu (jeeqqamuutu) isaanii wajjin deeme. Mudannoonaanisaanii kan biyya Gibxi inni xumuraa akka isaan eegan gaarii hin turrre. Bulchaan biyyichaa gara jabinaan isaanitti dubbatee, guyyoota sadif mana hidhaa isaan galchee obboleessa isaanisaan xuxisuu haga fidanii dhufanutti qabataa akka ta'utti obboleessi tokko akka isabira turu isaan irraa barbaadee, akkasumas yeroo karaa gahaii qalqala midhaanii hiikanu, horiin isaan ittiin bitan qalqala keessa kaa'amee akka isaanifiid deebi'e argan.

Deemsa isakana keessatti immoo gara mana bulchaa biyyichaa akka deemanu ajajamani. Achitti laaqana isaanii nyaachuuf jedhu. Yaanni sammuu isaanii garuu,waggoota baay'een dura yakka yookaan jal'ina obboleessa isaanii Yooseefin irratti raawwatan irraa kan ka'e adabbiin Waaqayyoo akka isaan garbummaatti dabarfamanii kennamanu akka isaan godhe akka amananu isaan taasiseera. Hojjetaan ittifaagatamaan sun garuu, wanti isaanisodaachuu qabanu took illee akka hinjirre isaanifiid mirkaneesse. “ Nagaan isiniif hata'u. Waaqayyo keessaniif Waaqayyo isakan abboota keessaniitu horii(qabeenya) qalqala keessan keessa isiniif kaa'e.” Yoo xiqqaate obboloonni kurnan deebi'anii dhufanii, Simoon isagibxitti hafee wajjin wal arganiiru.

Miila isaanitii dhiqamee fi horii(harroota) isaanitii nyaachifamee kunuunsame, Yooseef dhufee mana isaan keessatti isaa wajjin nyaata nyaachuuf jiranutti ol gale. Jarris kennaa isaaaf dhiyeessani. Kana booda waa'ee abbaa isaanii isaan gaafachuu jalqabee, obboleessa isaanii isauquisuu, Biiniyaamiin fiduu isaanii mirkaneeffate. Yooseef yeroo obboleessa isaa isauquisuu arge keessi isaa baay'ee jeeqame. Dafee kutaa isaan keessa turan keessaa gadi ba'ee bakka itti boo'u deeme. Seenaan keenaya Yeroo Yooseef kutaa isaan keessatti nyaata nyaachuuf ka'anudeebi'ee seenu itti fufa.

ABBALTII: Seera Uumamaa 43 jalqabaa hanga dhumaatti dubbisaa

SHAAKALA: Yooseef erga tasgabbaa'ee booda, gara isaanii dhufee nyaanni akka dhiyaachuuf ka'u isaanitti beeksise.

1. Lakkofsa 32 keessatti tokkoon tokkoon isaanii essa akka taa'an hubadhaa
 - a. Yooseef eessatti
nyaatee? _____
 - b. Obboloonni sunoo eessatti nyaatanii?

 - c. Warri Gibxi eessatti nyaatanii?

2. Akkaataan taa'umsa kanaa maaliif akkasitti
mijeffamee? _____
3. Yooseef maaliif warra Gibxii wajjin hin teenye turee? Mallatoon Seera Uumama 41:12
keessa jiru maayinnii? _____

4. Lakkofsa 33 keessatti waa'ee akkaataa sirreffama iddo taa'umsaa maaltu nutti
himamee? _____

5. Obboloonni sun deebii maal deebisanii?

6. Waa'ee yeroo affeerraan nyaataa suu godhamaa turee ilaachisee, wnati barbaachisaan
maal turee? _____
7. Biniyamiif qooda hammamiitu
kennamee? _____
8. Akka lakkofsa 34tti, hundi isaanii yeroo garii waan waliin dabarsan fakkaata: “.....
isaan akkasitti Yooseefii
wajjin _____

Kutaa 2^{ffaa}

YAADAA OFII CALAQQISIISUU: Kutaa seenaa kanaa keessaa qabxiileen nuyi utuu hin laalin irra darbuu hindandeenye lakkoofsota muraasa kana keessa jiru. ilaaltaniittuu.

1. Yooseef eenuy akka ta'e maaliif isaanitti hin himne teree? Yooseef akka inni ilaalcha obboleessa isaa, Biiniyaaniin hawwatame ifaa dha. Obboloonno kudhalamaanuu hundumtuu walii wajjin kutaa tokko keessa turan. Akka Yooseef dhiifama isaaniif godhe hubatameera. Eenyummaa isaa maliif isaan duraa dhoksaajiraa?
2. Itti aanee waa'ee dhimma akkaataa sirreffama taa'umsaatu jira. Jalqaba irratti, iddoon itti keessummaa'anu adda addaa sadiitu jira: Kan Yooseef, kan obbolootaa fi kan warra Gibxii. Warri Gibxii warra Hibrootaa waliin naachuun jibbamaa akka ta'e nutti himameera. Kun sirreffama taa'umsaa isa kan aangoo hin fakkaatu. Yooseef kophaa nyaataa turee?
3. Warri Gibxii akkamiin taa'umsa isaanii akkaataa tartiiba dhalootatiin isa angafa irraa kaasaniii hanga isa quxisuutti sirreessanii kaa'uu danda'anii? Akkamitti beekanii? Obboloonni sun in dinqisiifatani..
4. Obboloonni sun nyaanni isaanii kan warra bulchitootaa biyaa sanaa wajjin tokko ta'uu hubataniiruu. Nyaanni sun kan warra Gibxii irraa utuu hinta'in, kan Yooseef irraa fuudhame. Jarri kana hubataniiruu? Hundi isaaanii nyaataa gosa tokko nyaataa turanii? Waa'ee sanaa yaadaan qabataniiruu(dhimma qabaatamiiniiru)?
5. Yooseef beekee, jaalala obboleessa isaa isa quxisuu warra kaan irra caalchise, garuu hundumtuu walqixa nyaatanii dhugan jedhe. Ga'aan obboleessa isa quxisuu harka shank an warra kaanii caalus, waa'ee kanaa namni baay'ee dhiphatte yookaan yaada itti kenne waan ture hinfakkaatu.

ABBALTII: Seera Uumamaa 44 dubbisaa.

SHAAKALA: Seenichi dhimma dabalataa tokko qabatee itti fufa.

1. Lakkofsa 1-2: Yooseef hojjetaan isaa maal akka hojjetu isa ajajee?

2. Ganamaa itti aanutti obboloonni sun deemsaa isaanii gara Kanaan jalqabani. Ajajni yookaan qajeelfamni Yooseef itti fufee hojjetaa isaatti himee maal turee?

3. Hojjetaan sun obboloota sana qaqqabee waan Yooseef isanitti hime irra deebi'ee isaanitti hime. Himaata kanaaf deebiin isaanii maal turee?

Maaliifii? Maaliifii? Maaliifii? Amma ammo maal goonee? Cinqamuu yookaan nuffuu isaanii hin dhageessuu? Hamma nuga'utti hindandeenyee(in obsinee)? Jecha maaliifii jedhu lakkofsa 7 fi 8 keessaa jala muraa.

4. Lakkofsa 9 keessatti murtoon isaanii maayinnii?

Hojjetaan sunis namni xoofoon warqee kun harkaa isaatti argame garba mootichaa akka ta'u itti waliigale.

5. Lakkofsaa 10-13: Egaa tokko tokkoon qalqalala hundumaa sakata'ani. Xoofoon sun eessatti argamee?

Kutaa 3^{ffaa}

BARSIISA: Seera Uumamaa 44:13 keessatti, yeroo xoofoon warqee sum qalqala Biiniyaam keessatti argame, jarri wayyaa isaanii tarsaasani jedha. Wayyaa/uffata isaanii tarsaasuun isaanii gocha gaabbii fi gadda guddaati. Kutaa wabii jecha wayyaa/uffata jedhutti aanee lakkofsa 13 keessa jiru ilaala. Namni Seera Uumamaa 37:29 keessaa eenyuu? akkasumas haalli sun maal turee?

Seena Yooseef Seera Uumamaa keessa jiru tokko kessaatti jechoonni kanaan wal fakkaatanu jedhamaniiru, “Inni wayyaa isaa tarsaase,” jedha. Namni sun eenyu turee? Haalli Seera Uumamaa 37:34 keessa jiru sun immoo maal turee?

SHAAKALA: Obboloonni sun gaddaniiru. Biiniyaamiin of duubatti dhiisanii deemuu waan hin dandeenyeef hundi isaanii bulchaa biyyichaa kadhachuu wal duukaa gara Gibxitti deebi’ani. Akka Seera Uumamaa 41:14 tti, Yooseef mana isaatti waan isaan eegaa jiru fakkaata.

1. Obbolota kana keessa geggeesaan argameera,nama dubbi himaa isaanii ta’e. Inni eenynnii (lakkofsa 16) _____ Egaa inni maaliif nama geggeessumaa fudhatu ta’ee? Wanti fuula isaa dura ture maalii? Seera Uumamaa 43:8-10 ilaala.
-
-

2. Jarri bataluma fuula Yooseef ga’anitti, lafa irratti of daddarbatani. Fuula isaatti gadi jechuudhaan, isaan keessaan eeny akka isa guddaa ta’e mirkaneessani. Itti gaafatamummaa hundeffameen Yooseef isaan himachuu isaa itti fufe. Baay’ee isaan rakkise. Waan isaan godhanu kan ittiin bira gahu/beeku akka inni qabu isaan hin beeknee? Amala bulchaa biyya Gibxi irratti ka’e, raawwatani akkamiin jalaa ba’uu yssduuf ija jabaatanii! Karaa qajeelaa hintaaneen maaliif akkasitti obbolootaa isaa
-

Wanti dogoggoraan kan isaan kanaan dura hojjetan jiraa?

3. Amma irra deebi'ee ba'aan yakka isaanii isaan rakkise .Inni durii sun isaan qabatee jira. Dhimmichi waa'ee isa ammaa miti. Inni ammaa garuu, isa duriitiin balleeffameera. Akka laccoofsa 16tti, dhimmi ijoo maayinnii?
4. Yihudaan, hundi isaanii cubbamoota/yakkamtoota akka ta'anii fi akka isaan biyya Gibxitti garboota ta'uuf jiranu, dubbate. Yooseef akka kana hingoone isaanitti himee; kan turuun isa irraa eegamu isa yakkamaa sana qofa akka ta'e iti himee, isaan keessaa namni tokko _____ Amma irra deebi'ee obboloota sana bakka bu'uudhaan, Yihudaan in dubbate. Wantoonni Yihudaan keessa deebi'ee, bulchaa biyya sanaa wajjin haasa'u maayinnii?
 - a. Laccoofsa 20-
21:_____
 - b. Laccoofsa 21—24 :

 - c. Laccoofsa 25-26:

 - d. Laccoofsa 26-29:

Yihudaan waan hundumaa gara xumuraatti fideera. Guyyaa isaan jalqaba midhaan bituuf gara Gibxitti gadi bu'anii jalqabee waan uumame ilaalchissee dhugaa jiru hundumaa ibseera.

5. Itti fufee, Biniyaam gara abbaa isaatti deebi'ee hingalu yoota'e waan uumamuu danda'u ibsa.Kana irratti dabalee, laccoofsa 32 keessatti maal mul'isaa? Jirenya/lubbuu eenyuutu karaa irra jira? Biiniyaam manatti deebi'ee hin galu yoo ta'e garri fuulduraa lubbuu kanaa maayinnii?_____
-
-

6. Lakkoofsa 33-34 keessatti Yihudaan waa'ee maalii
kadhataa? _____

Kutaa 4ffaa

YAADA OFII CALAQISIISUU Yooseef amma illee eenyumasa isaa isa dhugaa obbolootaa
isaatti hin mul'isne. Bakka kanaa, erga bara isaan walii wajjin bushaa'ee tiksaa turanii as
wantoonni jijiiraman jiraachuu beekuu barbaade. Bara sanatti jibbaan namoonni kun ilma
Yaaqoob isa jaallataaaf, Yooseefiif, qabanu akka isaan isa ajjeesuu barbaadanu godhee, baruu
ajjeesuu irraa tasgabbaa'anii daldaltoo biyya Gibxi deemanutti gurguruuf walii galani. Wayyaa
Yooseef dhiiga ree'ee cuuphanii abbaa isaanii gowwomsuudhaan, wayyicha dhiiga cuuphame
sana gara Yaaqoobitti fidanii kan mucaa isaa kan Yooseef yoo ta'e ilaali ittiin jedhani. Kana
booda Yaaqoob murtoo mataa isaa irra akka ga'u isa dhiisani.

SHAAKALA: Haalonnii jijiiramaniiruu? Yooseef maal arguu danda'ee? Tokkoon tokkoon
gaaffilee armaan gadiitiif deebpii kennitanu wabiidhaan deeggaraa.

1. Jarri akkamitti wal
ilaalanii? _____
2. Waa'ee maatii biyyatti hafanii oduu maalii fidanii dhufanii?

3. Waa'ee Biinyaam akkamiin
dubbatanii?

4. Abbaan isaanii Biniyaamiin ilma isa kaan caalaa jaallatu taasiseeraa?

5. Obboloonni sun abbaa isaanii akkamitti ilaalaan
turani?

6. Haalli keessa garaa obboloota kanaa akkam
turee?

7. Gocha hamaa Yooseefiin irratti hojjetan akkamiin ilaalaanii?

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Seenaa kana keessa yeroo deebitanuu fi yeroo gaafilee kana deebistanu, maal yaadduu? Haalonni jijiiramaniiruu? Akka jijiirama guddaatti kan isin yaaddanu maayinnii? _____

DHUUNFAAN HOJII IRRAA OOLCHUU: Eeyyee obboloota kanaaf haalonni jijiiramaniiru. Bilchinnii fi yeroon gara iddo jirenya guutummaatti nufida.

1. Jijiiramni jirenya keessan keessatti argitan, kan waa'ee mala keessanii, waa'ee namummaa/eenyummaa keessanii, fi waa'ee walitti dhufeinya namoota kan biraan waliin qabdanuu, wanti gaariin jijiiramni kun mul'ise jiraa? Kanneen adda baasuuf ija jabina qabaadhaa. Jijiiramni ta'aa hin niru yoo ta'e, waa'ee kanaa maaltu isinitti dhaga'amaa? Jijiiramoota gaarii kanan keessaa muraasni maal fa'aa dhaa? _____

2. Waggoota dheeraa darban keessatti, jijiiramni gaariin isin hirya keessan irratti, nama waliin hojjetanu irratti, yookaan daa'ima irratti argitan keessaa muraasni maal faadhaa? Waaqayyo akkuma jirenya keenya keessatti hojii irra jiru, akkasuma jirenya namoota kaanii keessattis hojii irra jira. Jijiiramoota gaarii kana keessaa muraasa mirkanoeffachuuf mee yeroo fudhaa. _____

3. Nama kana jajjabeessuuf yookaan cimsuuf, wantoota isaan /isheedhaan jechuu dandeessanu keessaa mee muraasa yaadaa.

SAMMUUTTI QABACHUU: Jechoonni jajjabinaa fi mirkaneessuu, Waaqayyoo nu keessatti fi karaa keenya hojii irra jiraachuu isaa, akkasumas kaayyoo isaa akka raawachaa jiru akka biyya laffatti argisiisnuu human nuuf kenna. Ergamaan Phaawuloos kan nu keessatti wantoota gurguddaa hojjetuu fi jirenya guyyaa hundumaatiif kan human nuuf kenni Waaqayyo akka ta'e nu yaadachiisuu barbaadaa. Ergaa gara Filiiphisiyus 1:6 yeroo fudhaa dubbisaatii sammuutti qabadhaa. Ammas Kaardii indeeksii(yaadannoo) keessaniitti fayyadamaa. Kutaan kana barreessaatii, guutummaa torbee kanaa keessatti, karaa Waaqayyoo jirenya keessan keessatti hojii irra jiraachuu ittiin hubattan adaan baasaa.

SHAAKALA: Wantoonni hundumtuu jijiiramanii, obboloonni kun waa'ee jibbaa fi ijaa ba'uu dhiisanu illee, garuu isaan gaabbi guutuu keessa jiru. Hojii isaanii duriiti gaabbanii, amma iyyuu yakka baatanii jiru. Dogoggora godhameef dhiifamni amma godhamutti, yakki hin irraanfatamu. Seera Uumamaa 42-43 dubbisaatii wabiilee tarreefaman ilaala. Jechoota balleessaa isaanii agarsiisanu barreessaa.

WABII

JECHOOTA BALLEESSAA ISAANII MUL'ISANU

1. Seera Uumamaa 42:21-22 1. _____

2. Seera Uumamaa 42:28 2. _____

3. Seera Uumamaa 44:16 3. _____

Wantoota dhugaadhaan dhaga'uu barbaadanu, isuma ofii isaaniitiif gaddisiisan sana irraa dhaga'uu barbaadan. Garuu sun, yoo illee ta'uu in danda'aa? Yooseef amma eessa akka jiru eenyutu beeka turee? Obboloonni kun hundi kan beekanu, Yooseef du'uu isaati.

KADHANNAA: Yaa Gooftaa, gaabbiin yookaan balleessaan ba'aa ulfaataa kan baachuun rakkisuudha. Waan gochuuf human qabna jennee illee hin yaadne gochuudhaan ofii keenya irratti cubbuu hojjenna. Waa'ee eenymmaa isaanii inaafuudhaan, waan isaan qabanu

hawwuudhaan,waa'ee namoota kaani dhibaa'ummaadhaan dubbachuudhaan, isaan aarsinee, namoota kan biraa irratti cubbuu hojenna. Yaa Gooftaa akkaataa ofii keenyaa fi namoota kan biraa ittiin ilaalluun fuula keetti cubbuu goona;sababiin isaas, hundi keenya siin uumamee; siin jaallatamne waan ta'eef. Waa'ee yeroo ani yaadaan, jechaa fi hojiidhaan si yakkee dhiifama naaf godhi. Keessumattuu har'a adda baasee, waa'ee cubbuu ani ofii koo irratti hojjedhee akka dhiifama naaf gootun si kadhadha.

Waa'ee cubbuu ani ofii koo irratti, miseensota maatii koo irratti, olloota koo irrattii fi namoota kan birraa irratti hojjedhee dhiifama naaf godhi.

Waa'ee yeroo ani wantoota ofii kootii hojjechuun sigaddisiisee, yeroo ani homaa iyyuu hojechuuf fedha dhabee singaddisiisee dhiifama naaf godhi.

Ana keessatti hojii irra jiraachuu kee waan na yaadachiistee galanni siif hata'u. Ani hojii kee isaa itti fusfee jiruu dha. Ati na hin gattu. Hojii isa ana keessatti jalqabde fiixaan ni baasta.

Kutaa 5^{ffaa}

ABBALTII: Seera Uumamaa 45: 1-15 dubbisaa

SHAAKALA: Yooseef kana booda of qabuu hin dandeenye. Yihudaan abbaa isaa bakka bu'ee Biiniyaamiin isa kadhate. Yooseef jireenyi maati keessaa kan kanaan jiranuu akka jijiirame amantii guutuu qaba.

1. .Amma Yooseef akka of qabuu dadhabe eenu iyyuu yaaduu in danda'a. Lakkoofsa 1 keessatti ajajni isaa maal turee?
-
-

2. Amma egaa Yooseef kophaa obboloota isaa qofaa wajjin jira. Yeroo bulchaa biyya Gibxi kophaa isaa isaan qofaa wajjin ta'u, obboloonni sun maal yaadan ta'aa taalaa? Of qabuu dadhabee sagalee guddaadhaan amma warri Gibxii fi maatiin fara'oon dhaga'anutti iyye. Isin obboloota kutaa sana keessa turan keessaa isa took utuu taatanii maal yaaddu turtanii laalataa? Yookaan immoo utuu namich isa hojii mana Yoosef adeemsisu sana taatanii hoo? Yookaan immoo utuu Fara'oon mataa isaa taatanii hoo?
-
-

Yooseef eenyummaa mataa isaatii isaanitti hin mul'isne. Obboloota sanatti humtuu itti hin himamne. Dhugaan jiru inni baayyee boo'aa waan tureef, itti himuu illee hindandeenye.

3. Salphaadhumatti, lakkoofsa 3 keessatti Yooseef maal jedhaa?
-

4. Itti fufee, gaaffiin inni battaluma sanatti isaan gaafate maal turee?
-

5. Deebiin obboloota sanaa maal turee?
-

6. Yooseef ammas irra deebi'ee ofii isaa eenu akka ta'e isaanitti hima. Kana booda itti fufee isaaniif mirkaneessa. Lakkoofsa 5 keessatti maal jedhaa?
-

Yooseef akka Waaqayyo isaa wajjin ture beeka. Amumma illee yroo mul'ataa kanatti

jedhee isaanitti hima.

Ammas waggoota shaniif beelichi akka itti fufu isaanitti himee, Waaqayyo kaayyoo maaliitiif akka biyya sana isa fide amanee?

Yooseef jireenyi isaa akka Waaqayyo isa hambaa hambisee, lubbuu isaanii oolchee fayyina guddadhaan isaan hambisuu danda'uun akka geggeefame hubate.

7. Yooseef , akka Waaqayyo hojii hamaa obboloonni saa jojetaniifi haalota jirenya isaa sanatti gargaaramee akka inni fayyina guddaa fide amane. Obboloonni isaa baay'ee isa miidhanii, imaltoota karaa deemanutti isa gurguratanus,Yooseef Waaqayyo haalota sanatti gargaaramee gara gaarummaa guddaatti akka geeddare amane. Lakkofsa 8 keessatti Waaqayyo waggoota sana keessatti Gibxitti waan isaaf godhe kan inni dubbatu ilaala.

1. _____
2. _____
3. _____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Maal seenaan nama ajaa'ibu! Obboloonni walitti deebianii tokko ta'aniiru. Namichi Gibxitti Fara'oonitti aanee baay'ee aango qabeessa ta'e, kan du'a isaanii fi gadhiisamuu isaanii murteessuu danda'u, obboleessa isaaniiti. Inni obboleessa akkasumaan ta'e osoo hinta'in , bulchaa yookaan geggeessaa biyya Gibxiiti. Yooseef waa'ee aangoo isaatti iddo itti hin kennine. Dhaadannoon isaa inni qofaan, Waaqayyo hojii irra ture kan jedhuu dha. Kana kan hojjete Waaqayyoo dha. Haala fokkisaa obboloota gidduu ture gara daandii fayinni guddaan hittiin fidamu godhee kan jijiire Waaqayyoo dha. Fayyinni yookan birmadummaan kun biyya Gibxi qofaa osoo hinta'in, biyyoota naannoo sanaas tuqeera.

Kanaaf isin egaa gabaasaa oduu deebitanii biyya Gibxitti argamtaniidha. Warra Gibxi kan iyya boo'ichaa bulchaa biyyichaa, kan obboloota isaa kudha tokkoo wajjin qofaa ture, kuticha keessaa dhaga'an irraa dhageessaniittu. Seenicha gabaasuuf jettu. Namni isin jalqaba gaaffii afaanii gaafattanu eenyuun ta'aa lataa? Maaliifii? Maal isa gaafachuu barbaaddu turtanii? _____

Seenaan kun seenaa fedha ilama nama karaa Waaqayyo ittiin lubbuu namootaa oolchuuf ,nama Yooseef jedhamutti abjuu kennee, karoorri haareffamee midhaanni waggoota dheeraa fula duraan dhufaa jiranuuf barbaachisu akka walitti kuusamu taasisee dhaa? Moo seenaan kun barbaachisummaa kana irraa baay'ee gadi fagaate qabaa? Gulaalaan olaanaan biyya Gibxi

maaliif akka isin seenaa kana haala addaatiin gabaastanu biyya Gibxitti isin ergaa? Af-gaaffii taasistaniin irraa odeeffannoon isin walitti qabdan, kan barbaachisumaa haala dhugaa kan maatii kanaa mul'isee, xumura irratti immoo biyyaa tokkoo fi addunyaa mara irratti dhiibbaa kan uuma maayinnii?

SAMMUUTTI QABACHUU:

Yaadni Yooseef yeroo sadii, “Waaqayyotu na erge …” kan jedhuu dha. Guutummaa macaafa qulqulluu keessatti seenaan waa’ee Waaqayyoo namoota erguu dubbatu jiru. Seenaan kun lakkofsa irra darbamuu hin dandeenyeen xumurama. Seenaan kunis Seera Uumamaa 50:20 keessatti argama. Amma Yaaqoob lubbuun lafa irra jirutti, obboloonni kun waa’ee waan Yooseef isaan gochuu danda’uu homaa hin sodaanne. Yeroo abbaan isaanii du’u, sodaan haaraan isaan keessatti uumame. Yaadni kana irratti Yooseef isaaniif kenne, kan sammuutti qabatamuu dha. Seera Uumamaa 50:20 barreessaa:

Lakkofsa kana akka qaama kuusaa lakkofsota sammuutti qabatamanutti qabadhaa. Kutaan kun kan nu yaadachiisuu, nuti yaada qulqulluu, fedha gaarii fi hojji gaarii qabaachuudhaa baannus, Waaqayyo waan nuyi goonu fuudhee gaariitti jijiiree garumaadhaaf, nuyii fi namoota kaaniif keessatti hojjetaa. Namoonni kutaa bubbisaa kan bira, kan ergaa wal fakkaatu barbaaddabu, Ergaa Gara Roomaa 8:28-29 baasaa dubbisaa. Balleessaan yookaan yakki nu nyaachuu danda’; garuu Waaqayyo nu sosochoosee, waan nuyi goone utuu nutti hin lakkaa’in, karaa Iyyesuusiin, Warra isa jaallataniif , gaariidhaaf akka godhu nu yaadachiisa

KADHANNAA: Jaalala isaa kan ibsamuu hindandeenyeef Waaqayyoof hooqubaa fi galata fidaa. Jireenyi keenya jiraachuu isaa fi ulfina isa akka mul’isu nu irraa barbaada.

BARNOOTA JA'AFFAA

ABBAА KOO ASITTI GADI FIDAA

SEERA UUMAMAA 45,46,50-ILMICHA

AGARSIISTUU BARNOOTA 6^{FFAA}

Mul'istuu

Seensa

Barnoota 6ffaa: Seera Uumamaa 45,46,50

- Obboloonni sun gara mana Yaaqoobitti deebi'an
- Guyyaa kabajaa(ayyaaneffanna) tokko
- Imaltoonni Yaaqoob, kanaanii ba'ani
- Kakuun eegamuu
- Abbaa fi Ilmi walitti dhufan
- Dhiifamuun cubbuu/araarri sodaa balleessa

ABBAА KOO ASITTI GADI FIDAA

SEENSA

Seenaan Yooseef, abbaan isaa akka gara Gibxitti fidamu cimsee gaafachuu isaatiin itti fufa. Yoo xiqqaate abbaanii fi ilmi walitti dhufaniiru. Wanti hundinuu akka ta'uu qabu ta'eera. Maatiin sun biyya Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqoobiif kakuu galame dhiisanii ba'anii, waliin jiraachaa jiru. Biyya baabilee fi akaakileen isaa keessatti awwaalaman dhiisee ba'e. Gara biyya Gibxi , biyya Ilmi isaa taayitaadhaan nama isa lammaffaa ta'ee bulchaa jiru deemuuf karaa jalqabeera.

Yaaqoob nama umuriidhaan turee dha. Du'uu isaattiin dura, ilmaan isaa hunda ebbissee, gaaffii isaa isa dhumaa tokko isaanitti hime. Lafa awaalaa kan Abrahaam biyya Kanaan keessa bitetti awwaalamuu barbaade. Inni biyyi Gibxi biyya Waaqayyoo isaaf kakuu gale akka hintaane beekee, biyya Kanaanitti deebi'ee awwaalamuu barbaade.

Garuu erga Yaaqoob du'ee, akkuma kadhate Kanaanitti awwaalamee booda, rakkinni firoota gidduu, kan garaa obboloota kanaa keessatti soda uumee tokko in ka'e. Tarii namni wanti hundinuu gaarii ta'ee, maatiin walitti deebi'ee, firoomni sirraa'eeraa jedhee yaaduu danda'a, garuu obboloonni sun, abbaan isaanii waan du'eef, amma egaa Yooseef hammeenyia isaan isa irratti hojjetaniif gatii isaanii waan isaaniif deebisu itti fakkaatee sodaadhaan qabamaniiru. Callisaan yeroo ararri (dhiifamni), inni humna sodaa yeroo tokkoof yeroo dhumaatiif balleessuu aangoo of keessaa qabu, labsamu obboloota kanaa wajjin haalicha keessa seenaa.

Kutaa 1^{ffaa}

SEENSA: Xumura irratti Yooseefii fi obboloonni isaa walitti dhufaniiru. Kanaaf, itti fufee maaltu ta'aa? Yooseef akka obboloonni isaaa waan arganii fi waan dhaga'an hundumaa dhaqanii abbaa isaaniitti himanu isaan abboome. Yooseef akka abaan isaa, iddo olaanaa inni Gibxi keessatti qabatee jiru baru barbaade. Beelichi amma illee waggoota shaniif waan itti fufuuf, obboloonni isaa Yaqaobiin gara Gibxitti, baiyya Goshen jedhamnu, bakka isaan jiraatanu akka fidanu Yooseef barbaade

Obboloonni sun,walii wajjin yeroo argatani,shakkii malee, wantoota waggoota darban sana hundumaa keessatti ta'nitti qabamaniiru.Yooseef, akka Waaqayyo isaan kaan oolchuu jecha, isaan dura biyya sanatti isaan erge amane. Kan biyya sanatti isa ergee, akka inni bulchaa biyya Gibxi ta'u taasise Waaqayyo akka ta'e Yooseef in amane. Yooseef dhiifama isaaniif godhe. Guutummaa maatii sanaatti arjummaa argisiise. Lafa isaan irra jiraatanu, kan dheedicha saawwaa fi bushaa'ee isaaniif gaarii ta'e isaaniif kene. Akka isaan kana booda lamuu beelaan miidhamanu waan hin barbaanneef, utuu hin turin, ariifatanii dhufanii akka isaan eegumsa isaa jala jiraatanu barbaade. Utuu hin ba'in dura, jarri wal aammatanii, wal dhungatanii, walitti marmanii, walii wajjin boo'ani.

Fara'oon illee dhimma kana keessa galee, akka maatiin kun walii wajjin baiyya Gibxi jiraatanuu fii akka eeba biyyichaatti gammadanu barbaade. Waan Yooseef dursee kakuu galeef mirkaneesse. Kana irratti dabalees, Fara'oon dhufaatiin maatii kanaa akka saffisuuf jecha, akka isaan konkolaataa fardeenii fi kan biraas waanti jara barbaachisu yoo jiraate akka fudhatanu barbaade. Kakuun isaa, wantii baay'ee gaariin Gibxi keessaa kan isaanii akka ta'ee dha.

ABBALTII: Seera Uumamaa 45:16-28

SHAAKALA:

1. Obboloonni sun gara manaa galuuf ba'anii deeman. Ammas irra deebi'anii midhaan fe'ataniiru. Yooseef maal isaaniif kennee (Lakkoofsa 21-22)?

2. Ammas Biiniyaamiin warra kaan irra caalchise. Lakkoofsa 22 keessattii Yooseef maal isaaf kennee?

3. Abbaa isaatiif maal ergee(Lakkoofsa 23)

4. Yooseef obboloota isaa, fe'isa wanta gaarii biyya Gibxi keessaa wajjin gara mana isaaniitti isaan ergo Lakkoofsa 24 keessatti ergaan Yooseef inni xumuraa kan inni isaanitti
hime
maayinnii? _____

Maaliif akkana ittiin jedhee?

BARSIISA: Yaadni xumuraa kan Yooseef obboloota isaatiif kennu, waan "yaa ijoolle nagaatti, egaa. Gaarii ta'aa, wal hin lolinaa" jedhu fakkaata. Sirriidhumatti, kun kan dhugaa irraa fagaateedha. Garuu, wanti nuyi beeknu tokko ilmi namaa uumamumaan, yakka wal irra kkaa'uu barbaada. Kun akkuma nuyi mataan keenya haga balleessaa irraa birmaduu taanutti, dhimmoonni siraa'uu isaaniitti hinquufnee dhaYeroo imala isaanii gara Gibxi isa jalqabaatii deebi'anu haasaa gidduu isaanii ture(waan isaan waliin dudubbachaa turan) yaadadhaa Yeroo isaan sababa rakkinni sun isaa irra gaheef addaan baasuuf yaalanutti waan Ruuben isaaniin jedhe yaadadhaa(Seera Uumama 42:21-22). "Ani akkas isiniin jedheen ture ." "Yeroo isaa hin turree. Dhiphina kana keessa galuun keenya dogoggora koo miti." Namoota hadheessuun akkuma kubbaa nama tokko biraat qilleensa irra kaatee gara nama isa tokkoo deemtuuti. Ana miti;ana irraa fageessi. Dogoggora nama biraati. Isa hadheessi. Ishee hadheessi.

GAAFFII YAADAA

1. Obboloonni sun walii walii isaaniitiif dhiisaniiruu? Yaada keessan
barreessaa: _____

-
-
-
2. Ofii ofii isaaniitiif dhiifama godhaniiruu? Yaada keessan barreessaa:
-
-
-
-

Kutaa 2^{ffaa}

YAADA DHUUNFAA OFII CALAQQISIISUU: Waa'een nama kan biraad hadheessuu yeroo ka'u, isin akkamii? Dogoggora keenya fudhachuutti uyeroo dhufnu,tokkoon tokkoon keenya deebiin keenya maal akka ta'e yaaduu qabna.

1. Ani dhugaadhumaan ammam akkan dogoggoraa ta'e fudhachuu hin barbaadu.
 2. Waan ani godheef addabii narra gahuuf jiru fudhachuu hin barbaadu.
 3. Ani bilisan deemaa ati balleessaa fudhu.
 4. Qaana'uu keessan arguu hin mormu. Sababni isaas isin yakkamoota.
 5. Bifa fa'isuuf waan barbaade yoo gaafate iyyuu...
 6. Mee yaadaa,yeroon waan isin gootanu yaadu, ani baay'ee nama gadhee miti.
 7. Dugaadhummatti, ani hojii dogoggoraa gochuudhaan tasuma illee yakkamaa ta'uu koo hinbeeku.
 8. Waa'ee yakka fudhachhu fi dogoggora himachuu ilaachisee, deebii keessan armaan gaditti barreessaa? Karaan isin balleessaafi yakka ittiin too'attanu maayinnii?
-
-

Dogoggora koo yoon hin fudhanne, balleessaan godheef yakka koo yoon hin fudhanne, jireenya koo keessaa humtuu garagarummaa hin uumu. Gocha koo dogoggoraa Waaqayyotti yoon himadhe ,inni yakka koo naa dhiisuuf, cubbuu koo hundumaattii naquelleessuu, jireenya koo keessaa waan sirrii hintaanetti na qulquelleessuuf qophaa'aa dha. Lakkoofsa yaadaan qabatamu

duraanii keessaa 1 Yohaannis 1:8-10 mee yaadadhaa. Lakkofsota kana irra deebi'aatii amaan gaditti

barreessaa:

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa ani dogoggora koo fudhacuu, balleessaa kootiif adabbii naaf ta'u fudgachuu fi dogoggora jirenya koo keessaa fudhachhu irratti rakkinan qaba. Ani karaa baay'eedhaan akka Ruubeen. Rakkinan keessa galeef sababni anuma jedhee fudhachuu irra ilaalcha 'ani isinitti- himeen- ture' jedhu qabadheen naanna'a. Gochaa koof itti gaafatamummaa fudhee, dogoggoran godheef addabbii naaf ta'u fudhachuu hin barbaadu. Kana irratti immoo nama dhiifamni godhamuufi (arri ta'uuf) qabu akkan ta'e ille fudhachuu hin barbaadu. Yakkamaa ta'uu koo amanuun naaf hinfudhatamu. Garuu any dogoggora godheera. Ani yakkamaadha. Hojii cubbuu ani godhe fuulaa keeti himachuun barbaada. Dhiifama argachuu koo sii natti himu dhaga'uun barbaada. Ati cubbuu koo naaf dhiisuu beekuun koo, karaa tokkicha ani ba'aa balleessaa kootii irraa birmadummaa argadhee jirenya qajeelaa jiraachuu danda'u dha. Ilma kee Iyyesuusiin ani hiikameera. Najaallachuu keetii fi bilisa nabaasuu keettiif galannii siif hata'u..

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Obboloonni kudha tokko hundi isaanii gara mana abbaa isaaniitti, Kanaanitti deebi'uuf karaa irra jiru. Mee haala obboloonni kun keessa jiranu yaadaa. Shakkii tokko malee tokkoon tokkoon isaanii yaada mataa isaanii fi waan calaqqisiisanu qabu. Haasaan gidduu isaanii ture kana mul'isuu danda'a, " Jaamota akkamii taanee turre?" "Dhugumaan ,inni Yooseefidha. Isa keekuu qabna turre." " Inni akka bulchitoota biyya Gibxitti uffatee ture. Kun fakkeessuu isa guutuu ta'ee dha," " Itti fufnee, nuyi fuula isaatti haasa'aa

ture; inni immoo waan nuyi jenne hundumaa beekeera. Inni akka irratti baramu hin barbaanne.” “ Ani baay’ee boqodheera. Yaa namaa, abbaan koo in gammada laataa! Ani nan qabsiisa, inni tasuma illee nun amanu.”

Amma amma isaani mana ga’anii abbaa isaanii wajjin ta’uuf ariifatan yaaduu dandeessuu? Ilmi isaa hin dune, garuu lubbuudhaan jira. Ilmi isaa garba miti, garuu bulchaa biyya kuusaa ishee keessaa namoota adunyaa midhaan jiraachisu danda’u gahaa qabduuti. Ilmi isaa isaa wajjin wal arguuf, deebi’ee isaan tokko ta’uuf ariifateera. Maatii Yaaqoob keessatti gammachuuakkamiitu ta’aa laataa!! Kun dhugaa ta’uun isaa baay’ee gaarii in fakkaatiuu?

SHAAKALA: Gamachuun abbaa sanaa (Yaaqoob) ibsuuf rakkisaa dha.

1. Gaabaasaa Ilmaanni isaa isaaf dhiyeessaniif Yaaqoob akkamiin deebii kennee(Lakkoofsa 25-28)?

- a. Maal isatti himanii(Lakkoofsa 25)?

- b. Deebiin Yaaqoob maayinnii?

- c. Amanuu dadhabuu isaa maaltu gara amanuutti fidee?Maaltu hafuura isaa dadammaqsee?

- d. Lakkoofsa 28 keessatti maal jedhaa?

Kutaa 3ffaa

ABBALTII: Seerr Uumamaa 46:1-7;46:26-27 dubbisaa

SHAAKALA: Maal guyyaan gammachuu akkasii!

1. Yaaqoob(Israa'el) waan qabu hundumaa fudhatee biyya Keebroon isa Kana'aan keessa jiruu ka'ee, ilma isaa isa amma lubbuun jiraachuu isaa bare akka argu yaadee, bahee deemee. Karaa isaa irratti Bersheebaa keessa bahe. Achittis Waaqayyoo isa kan abbaa isaatii isa kan Yisihaaqiif aarsaa dhiyeesse. Akka Yaaqoob waa'ee Kana'aaniin dhiiseedee muu shakkii keessa galu kan taasise rakkoon maal turee? _____

Waa'ee kakuu Waaqayyoo Abrahaamiif, Yisihaaqii fi Yaaqobiif galee maal yaadattuu?

2. Lakkofsa 2-4: Waaqayyo, _____ gara Israa'el dhufe.

- a. Israa'el jedhee isa waame:

—

- b. Deebiin Israa'el maal
turee? _____
—

—

- c. Waaqayyo akkamiin Israa'elitti of
beeksisee? _____
—

—

- d. Waaqayyo, Yaaqoob gara Gibxitti gadi bu'uu akka hin sodaanne erga itti himee
booda kakuu afur isaaf gale:

- i. _____
—

- ii. _____
- iii. _____
- iv. _____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Yeroo baay'ee gabaabaa kana keessatti wantoonni baay'een ta'aniiru. Shakkii malee, erga seenaan sun dhaga'amee. Yaaqoobis Yooseef lubbuun jiraachuu amanee booda, hundi isaanii arrifatanii waan qabanu walitti sassaabatanii deemsa jalqabuuf qophaa'uu eegalani. Utuma isaan dafanii deemuuf ariifatanuu, gidduutti Waaqayyo akka isaa wajjin jiru Yaaqobiif irra deebi'ee mirkaneessuu barbaade. Kakuu abbaa isaatii fi akaakayyuu isaatifi gala akka raawwatuuf itti hime. Waaqayyo isaa wajjin akka ta'ee saba guddaa isa taasisu itti hime. Sanyiin isaa biyya Kana'aanitti akka deebi'anuu fi innis eeyyee, utuu hin du'in Yooseefin akka argu itti dubbate.

1) Ganama yeroo Yaaqoob hirribaa ka'ee, maatii isatii deemsa itti fufuuf ariifatee qoqophaa'u yeroo argu, sammuu Yaaqoob keessa maaltu deddeebi'aa jira jettanii yaadduu? Ammas Waaqayyo inni kan abbaa isatii deebi'ee gara isaa dhufeera. Yeroon kan biraas turani.... Haalonni Seera Uumamaa 28:10 keessaa fi lakkofsota itta aananau keessa jiranuu maal faadhaa? _____

2) Halkan gaafa inni bariinaan isaa Eesawuu arguuf jiruu yaadadhaa. Halkan sana maaltu ta'ee(Seera Uumamaa 32:22 fi lakkofsota iitti aananu)? _____

3. Biyya kana'aanii ba'uun Yaaqobiif waan salphaa mit. Biyya haati manaa isaa Raahel, Yisihaaq fi Ribqaan keessatyi awwaalaman dhiisee ba'uu jedha. Biyya lammata deebi'ee arguu hin dandeenye dhiisee ba'uuf ka'a. Biyya tokkoo ba'anii gara biyya kan bira deemuun, deemsa bakka haaraa arguu fi gammachuu kan of keessaa qabu yoo ta'e illee, dhiphinaa fi shakkii wa'ee biyya haaraa itti adeemanuu of keessaa qaba. Wanti tokko kan Waaqayyo lakkofsa 4 keessatti akka Yaaqoob yaadatu barbaade

maayinnii? _____

4. Yaaqoobiif Waaqayyo isaa wajjin jiraachuu beekuu garagarummaa akkamiitii! Yeroo deemtanu argamuun Waaqayyoo isinii wajjin ta'uu akamiin beektuu? Beektuu?
- _____
- _____
- _____
- _____

Kutaa 4ffaa

SAMMUUTTI QABACHUU: Waaqayyo isaa wajjin jiraachuu beekuu Yaaqoobiif jajjabinaa fi wabii guddaa dha. Waaqayyoakkuma Yaaqoobii wajjin ture anaa fi isinii wajjin ta'uu isaa beekuu fi amanuun nuufis jajjabinaa fi wabii guddaa dha. Faarsaa 139:7-10 keessatti faarfatichi akkas jedhee gaafata, “ Hafuurakee duraa eessa nan dhaqa? Fuula kee duraas eessatti nan baqadhaa?” Eessa iyyuu yoo dhaqne, Waaqayyo achis nuu wajjin jira. Sagaleen isaaakkana jedha. Kun dhugaa dha. Irra deebi'atii lakkofsa kana kaardii yaadannoo (indeeksii) irratti barreessaatii, dugda yaadannoo keessanii irratti bakka dhaquu barbaaddanu hunda barreesuun, bakka isin dhaqxanutti bakki Waaqyyo isin biraa dhabame tokko akka hinjirre of yaadachiisaa.

JIREENYA DHUUNFAATIIN HOJII IRRA OOLCHUU

1. Bakka dhaqxanu hundumaatti Waaqyyo isii wajjin jiraachuu isaa beekuu keessaniin yaada isin jajjabeessu akkamiiitu isinitti dhufaa? _____

2. Bakki isin dhaqxanii sababa Waaqayyo isinii wajjin jiruuf gaddii isintti dhaga'ame jiraa?

3. Bakka dhaqxanu tokko tokkotti Waaqayyo achi jiraachuun isaa baay'e ifaa ta'ee beekama. Iddoowwan kun, irra keessa gaaraa yookaan kutaa mana yaalaa(hospitaala)

of keessatti haammachuu danda'a. Iddoo isin deemtanii battaluma sanatti Waaqayyo achi jiraachuu beektan eessaa? _____

KADHANNAA: Kadhata kan mataa keessanii barreessaa Iddoo Waaqayyo itti isin argatuu fi kan isin Waaqayyo achitti isinii wajjin jiraachuu isaa beekuu barbaaddanu Gooftaatti himuu feetu ta'a. Iddoo Waaqayyo isin wajjin jiraachuu beektanii, gaddi isnitti dhaga'ame himaa. Maal gootanus, eessayyuu dhaqxanus, Waaqayyo isinii wajjin jiraachuu isaatti gammadaa. Argamuun Waaqayyoo inni amanamaan amala keessan irratti hundaa'a utuu hinta'in, jaalala isaa isa dinqisiisaa irratti hundaa'a.

BARSIISA: Maccafni Qulqulluun, gareen imaltootaa guddaan kun yeroo kana'aanii ba'e maal akka fakkaatu ilaachisee qabxii guddaa dubbistoonni beekuu qabanu tokko kaa'a. Qabxiileen baay'een ilaalamuu qabu:

1. Amma iddo kanaatti sanyiin Abrahaam xiqqoo turani. Macaafni qulqulluun Abrahaam, Saaraa fi Yisihaaq; isa booda immoo Ribqaa, Yaaqoobii fi Eesawuu irra qofatti xiyyefata. Maatiin Yaaqoob kana keessaa muraasa kan ta'e, ilmaan kudha tokkoo fi Yooseef isa dursee Gibxii jiru qofa akka qabu nutyi in beekna. Seena kana qo'achuu yeroo itti fufnu keessatti, kakuun sanyii(dhalootaa) karaa Yaaqoob raawwachuu akka eegale hubadhaa.
2. Karoorri Waaqayyo saba isaatiif qabu yeroo hunda sarara sirrii(karaa qajeelaa) irratti raawwata miti. Abrahaam gara Kana'aan dhufee, biyyi kakuu isaaf galame. Saba guddaa akka ta'us Waaqayyo kakuun isaaf galameera. Itti fusfee immoo Saaraan dhabduu akka

taate baranneerra. Amma immoo Kana'aan kan maati Yaaqoob ta'uu akka jirtu beekna. Beela biyyichaa irraa kan ka'e, gadhiisaanii utuu isaan deemanuu argina. Mee jirenya keessan ilaala. Wanti jirenya namaa keessaa hundi kan bu'aa ba'ii hinqabne akka hin taane hubattaniittuu? Wanti hundi akka nuyi karoorfannetti ta'uu dhiisuu danda'a. Nuyi kaayyoo, karoora fi fedha qabna, garuu yeroo tokko tokko dhuma irratti waan karoorfanne bira ga'uuf, karaan nuti irra deemnu dabaree baay'ee kan nuti hordofuu qabnu of keessaa qaba. Yeroon isin karaa ofii keessaniif karoorfattan iraa karaa adda ta'e irra deemuuf fedha dhabdanu yoomii?

3. Gurmuun imalootaa guddateera. Tilmaamaan namoota 70 tu waliin deemaa jira. Kun yaalii (carraaqqii) salphaa miti. Konkolaattooni Fara'oон qabeenya Isaanii hunda fe'uu danda'uu Isaaniitiif baay'ee galateeffamani. Kun immoo kakuun Waaqayyo waa'ee badhaadhummaa(qabeenya) guddaa gale raawwatamuu isaa nu yaadachiisa. Akkumsa fakkeenyummaa maatii walii wajjin deemanuu argina. Ilmaan Yaaqob hunda, Ilmaan ijoollee isaa fi inntaloota ijoollee isaa hunda. Hundumtuu walii wajjin turan(jiraatani). Fakkiin maatii Yaaqoob kun, waa'ee maatii ofii keenyaa akka yaadnu nu dirqisiisa. Baa'inni miseensa maatii waan baay'ee guddaa mit, garuu inni guddaa walii wajin cimanii dhaabachuudha. Eenu illee booddeetti hin hafne. Hundumtuu jirenya biyya Gibxiif wal duukaa hiriirani. Hundi Isaanii mul'ata haaraa jirenya biyya Gibxii irratti walii galteedhaan tumsan. Tokko ta'uun Isaanii, maatii kana cimaa taasiseera. Lakkofsonni 8-27 seenaa namoota Yaaqoobii wajjin Kana'aanii ba'anii gara Gibxitti imalanii nuutti hima.

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Imaloota kana yeroo ija sammuu keenyaaatiin ilaallu, Waaqayyo kakuu isaa Isa Abrahaamiif, Yisihaaqii fi, booda irra immoo Yaaqobiif gale akka eegaa jiru hubanna. Garee miseensota maatii keessanii wajjin, Isa xinnoo baattanii, Isa aduu gubee dadhabsiie jajjabeessa, waa'ee jirenya haaraa, biyya haaraa keessaa yaaduu yeroo yaaltanu, waa'ee kanaa obboleessa keessanii wajjin dubbachaa deemuu, tilmaamu in

dandeessuu? Gabaasaa kaameeraa televiziyonaa utuu taatanii, waa'ee eenyy yeroo bal'aa fudhattanii gabaastuu gabaastuu(dhiyeessituu)? Maaliifii? _____

Kutaa 5^{ffaa}

ABBALTII: Seera Uumamaa 46:28-30 dubbisaa

SHAAKALA:Gurmuan imaltootaa sun gara Gibxitti dhiyatanniru.

1. Yaaqoob of duratti Yihudaa gara Yooseefitti erge. Inni maal gochuuf jedhaa (lakkoofsa 28)?
-
-

2. Jarri biyya Gooshen ga'aniiru. Kaartaa gara dugda macaafa qulqulluu keessan irra jiru keessaa Gooshe eessa akka taate argisiisaa. Fageenya karaa isaan deemanii dhufanii yaadadhaa. Yaadadhaa, kan Waaqayyo mul'ataan(abjuudhaan) gara Yaaqoob dhufe iddo Beersheebaa jedhamtutti. Fageenyi biyyoota Beersheebaa fi Gooshen gidduu jiru tilmaamaan maayilii _____ ta'a.

3. Yooseef konkolaataa isaa fe'atee(qopheeffatee) waan tureef, yeroo abbaan isaa as dhiyaachuu dhaga'e, _____

4. Maal walitti dhufeenyi (gara tokkummaatti dhufuun) eebbifamaan akkasii! Lakkoofsa 29 keessatti miira abbaa fi ilmaa ibsame ilaala.
-
-

5. Yooseefii wajjin ta'uun yookaan wal arguun waan Yaaqoob barbaadee dha. Garaan isaa gammadeera.

Kanaan booda ilmi isaa irra dhugaadhumaan maaltu akka irra ga'e ilaachisee shakiin isa keessa ture ,hin jiru. Waaqayyo ayyaana fi arjummaa isaatiin maatii kana hundaaf fayina fideera. Yaaqoobii fi Yooseef deebi'anii kaasuu(harka) waliitti galani

YAADA DHUUNFAA CALAQQISIISUU: Kan Yaaqoob itti rakkachaa ture, waa'ee garagar ba'uu qofaa miti. Kan kanaa oliiti. Kan isa dhiphisaa ture, ilmi isaa du'uu yookaan lubbuun jiraachuu isaa addaan baasee baruu dadhabuu irraa kan ka'e shakkii waa'ee ilma isatii keessa isaa tureedha. Galgala hunduma, yeroo baay'ee oduu waa'ee ijoollonni maatii jalaa hatamuu/fudhatamuu, yookaan sababa kamiin iyuu maatii isaanii duraa manaa ba'anii baduu isaanii ni dhageenya. Loltoonis biyya alaa deemanii maatii fi hiryoota isaanii irraa gargar ha'uu isaanii ilaaluus ni dandeenya. Kan kanaan wal-fakkaatu, jirenya keessan keessatti isin irra ga'ee beekaa? Gargar ba'uun, baay'ee akka bakka namani tokko jiru wallaaluu yookaan nagaa ta'uu isaa/ishee wallaaluu, haha du'uu fi jiraachuu isaa/ishee wallaaluu cimaa miti

1. Utuu namichi kun isini ta'ee, yaadaa yookaan miira dandeessanii keessa darbitan, jechoota muraasaan insuu dandeessuu?
-
-

2. Haalli keessan karaa gaarii ta'een xunuramee? Kun ta'eera yoo ta'e yaadni yookaan miirri isin Yaaqoob waliin wal isin fakkeessu maalii? Dhimmooni waliin qooddatanu jiruu?
-
-

3. Garuu,tarii sun haala isin keessa darbitan ta'uu dhiisuu danda'a. Nama waa'ee hiree(carraa) nama jaallatuu (mararsifatuu) tokko baay'ee yaaduu beektuu? Gaddaa fi dhukkubbii akksiitii kan jajjabina ta'u maaltu jiraa?
-
-
-

4. Namoota warra isin jaallatanuu wajjin walitti dhftanii akka Yaaqoob ilma isaaa haammatee boo'e, wal haammachuuf akkamiin karaa argattuu?
-
-

5. Gaabbii fi yakki hojii dogoggoraa wal irraa isin fageessaa jira yoo ta'e, haalota sana jijjiiruuf maaltu godhamuu qabaa?

6. Qoodni (ga'een) keessan maayinii?

Waaqayyo hirree /harka Waaqummaa isaatiin nu marsuu barbaada Gara tokkummaa jaalala isaatti nu deebisuu barbaada. Inni abbaa keenyaa, uumaa keenya. Inni akka ijoollee isaa manatti galuu eegamanuutti nu eega. Wanti nu isatti himachuu dandenyo, karaa mataa keenyaa irra deemuu fi wantoota keenya ta'an gochuu filachuu keenya qophaadha. Kan nuti himannu, kan inni biyya lafaatti akka isa mul'isuus nu barbaade gadi ta'uu keenyaa dha. Hata'u malee, haala akkamii keessatti yoo of argine iyyuu, Inni ofitti nu haammachuuf harka isaa diriirsee nu eegaa. Yaada, akka Waaqayyo sababa gara mana isaatti deebi'uu keenyatti gammadee boo'u hubattanii beektuu?

KADHANNAA: Yaa Waaqayyoo Abbaa, ati na uumteetta. Ati jirenya kootif karoora guddaa qabda. Akkan jirenya kootiin biyya lafaatti sicalaqqisiisuuf na uumteetta. Karaan ati akka ani araara kee jirenyaa koof godhame dubbadhu birmadummaa naaf kennite, karaa filannoo ani godheetii. Si keessatti birmadummaa guutuu ta'e argachuu kootiin, akka ani si keessatti gammachuuf fi nagaa argadhu na dandeessisi. Jaalala keetiifi araara keetiin wan na ilaalteef galanni siif hata'u. Akka karaa Ilam keetii, karaa Iyyesuus Kirstoos Gooftaa kootii fi Fayisaa kootii, sii wajjin tokk o taanetti, ofitti na haammadhuutii, yeroo hundumaa gara keetti nabuti.

GADI QOTUU (GADI FAGEENYAAN HUBACHUU):Kutaalee Seera Uumamaa itti aananu keessatti, macaafni qilqulluun, waa'ee maatii kanaa dabalee nutti hima. Seenichi barbaachisaa fi odeeefannoo fi hubannoo dabalataa kan of keessatti aammatuu dha. Yoo kana filachuu barbaaddan toorri wabii armaan gadii, qo'annoo keessan itti fufu keessatti isin geggeessa:

- Seera Uumamaa 46:31 kaasee-biyya Gooshen boqochuu
- Seera Uumamaa 47: 9-Umurii Yaaqoob yeroo inni fuula Fara'oон dhaabbatee
- Seeraa Uumamaa 47:13 -Miidhaa beelichaa fi Yooseef akkamiin akka warra Gibxi garbummaatti gadi buuse
- Seeraa Uumamaa 47:26- Seeraa Yooseef-Oomisha biyyichaa keessaa harki shan kan Fara'oон ta'uu isaa
- Seera Uumamaa 47:27 kaasee- Yeroon Yaaqoob itti du'u dhiyaachuu isaa
- Seera Uumamaa 48- Yaaqoob ilaan Yoosee eebbisuu isaa
- Seera Uumamaa 49-Ilmaan Yaaqoob, tokkoon tokkoon isaanii, utuu Yaaqoob hin du'in eeba sirrii isa harkaa fudhachuu isaanii
- Seera Uumamaa 49:29- Yaaqoob du'uu isaa
- Seera Uumamaa 50:1-14-Seera Uumamaa 50:1-14 Yooseefii fi obboloonni isaa abba isaanii KKana'aanitti awaaluu isaanii.
- Seera Uumamaa 50:22 kaasee- Du'uu Yooseef

Kutaa 6^{ffaa}

SEENSA: Seenaa Yooseeffitti, Seera Uumamaa 50:15-21 utuu hin dabalin xumuruu hin dandeenyu. Lakkoonni kun obboloota kanaaf, nuufis oduu gammachiisaa (sagalee misiraachoo) qaba. Amma egaa abbaan isaanii waan du'eef, obboloonni kun, Yooseef nutti gara gala jedhanii sodaataniiru. Biyyicha keessatti, bulchaa/seerrataa cimaa abbaa aangoo ta'uu isaa arganiiru. Namni hundumtuu isaaf biata ture. Utuu inni jecha qofa dubbatee hidhamuu, ajjeefamuu illee ni danda'u. Obboloonni kun, lubbuun isaanii kan baraarame, sababii abbaa isaanii- sababii Yaaqoob akka ta'e amanan. Nagaaf tasgabbii akka argatanii jiraatanu, Yaaqoob eegumsa isaan barbaachisu akka isaaniif godhe amanan. Yaaqoob in du'e.

ABBALTII: Seera Uumamaa 50:15-21

SHAAKALA:

1. Lakkooftsonni kun waa'ee obboloota kanaa waal argisiisuu?

2. Lakkooftsa 15 keessatti maal
sodaatanii? _____
3. Ammas irra deebi'ee, gowwomsuun, mataa isaa isa fokkisaa gadi baafateera. Waan abbaan isaanii ittiin jedhe, maal Yoosefitti himuu?

4. Lakkooftsonni kun waa'ee Yoosef maal mul'isuu?

5. Ammas irra deebi'anii dhiifama isa gaafachuu dhufani. Yooseefiin in gaddisiisani. Jaalala isaa hin keekne turanii? Jaalalli inni isaaniif qabu, yakka/ balleessaa isaan isa irratti hojjetan irra akka caaluu jarri hin barree? Inni maal isaanitti himee?

Dhiifamni/araara gochuun sodaa nama keessaa balleessa. .Inni akka isaan hin sodaanne isaanitti hime. Isaanii fi ijoollee isaaniif eeggannaa, kunuunsa/eegumsa akka godhu isaanitti hime. Xumura irratti, kutaan macaafa qulqulluu kun, Yoosef jalala isaaniif qabu, irra deebi'ee akka isaaniif mirkaneessee fii gara laafinaan akka isaanitti haasa'e nutti hima. Dhimmi araara/dhiifama gochuu amma xumurameera.

JIREENYA DHUUNFAATIIN HOJII IRRA OOLCHUU: Yakka/balleessaa jirenya keessan keessa jiru qabattanii itti fufaa jirtuu? Balleessaan obboloota isaa, Yooseefiin gaddisiiseera. Inni isaaniif boo'eera Kana irra, isaan jaallachuu isaatii fi dhiifama isaaniif gochuu isaa isaan amansiisuuuf maal gochuu danda'a turee? Inni akka isaan jirenya isaanii jiraachuu itti fufanuu fi waan lamuu hin jirreef garba ta'uu akka isaan hin dandeenye akka hubatanu barbaade.

Jirenya keessan keessaa balleessaan hin deemne maayinnii? Wanti isin irratti ofii keessaniif dhiifama gochuu hin dandeenye tokko maayinnii? Dhiifama ofii gochuun filannoo keenyaa; Waaqayyo immoo gargaarsa isaa nuuf kenna. Waaqayyo dhiifama akka goonuu fi akka fudhannu, ofii isa biraa qofa utuu hin ta'in, namoota kaan irraas araara goonee akka araara fudhannu nu dandeessisa. Araarri(dhiifamni) Waaqayyoo nuuf godhu bilisa(tola). Humna keenyaan dhiifama fudhachuu hin dandeenyu; garuu human Waaqayyootiin araarri/dhiifamni, dhuunfaa dhaan, dhorkaa tokko malee, kan keenya ta'a. Macaafni Qulqulluun cubbuu keenya akka walii walii keenayatti himanu nubarsiisa(Ergaa Yaaqoob 5:16).Cubbuu himachuun qaama dhiifama/araara argachuuti. Cubbuu himachuun,balleessaan banaa ta'ee akka duwwaa ta'u, taasisee araaraa/dhiifama fida. Cubbuu himachuum fayina baaksisa. Cubbuu keenya walii walii keenyatti himachuun,cabaa jirenya keenya keessa jiruuf fayina fida. Cubbuu keenya walii walii keenyatti himachuun, hundumti keenya kan yakkine(cubbamoota) ta'uu keenya akk hubannuuf nu gargaara. Cubbuu keenya himachuun, dubbiin/sagaleen jaalalaa jirenya keenya cabsee akka keessa galu taasisa.

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Gooftaa, ati sagalee misiraachoo dhiifamuu cubbuu keenya hundumaa nuuf kenniteetta. Balleessaa(yakka) isa summii ta'e, kan nurraa chi deemuu hinbarbaanne kana, ofii keenya irrati baannee deemuun barbaachisaa miti. Yaa Gooftaa, araaraa(dhiifama) kee jaalala akka ani fudhutti human waan naaf kenniteef galanni siif hata'u. Waa'ee birmadummaa araarri/dhiifamuun cubbuu koo gara jirenya kootii fideef galanni siif hata'u. Waa'ee Iyyesuus irraa kan ka'e, carraa ani mucaa kee , mucaa mootii ta'ee jiraachuuf argadheef galanni siif hata'u. Galanni siif hata'u! . Eeyyee, ani sagalee kee isa yeroo cubbamaan tokko qalbii diddiirratee gara Gooftaa dhufu, Waaqa irratti gammachuutu ta'e jedhu nan amana(Luqaas 15:7). Akkuma ani si biraa dhiifama argadhee, namoota kaaniif dhiifama gochuuf carraa naaf kenname akkan argu/hubadhu ija koo naaf bani. Namoonni kaanis jirenya birmaduu ba'ee fi kan dhiifamuu cubbuu argate akka jiraatanu isaan hiiki.

**KUTAA KEESSA DEEBII
ARAARAA WAAQYYOO,
BIRMAADUMMAA KEENYA**

ARAARA WAAQAYYOO, BIR MADUMMAA KEENYA

KEESSA DEBII

.Kaayyoon shaakala addaa kun, beekumsa keessan kan seenaa Kakuu Moofaa guddifachuu keessan mirkaneessuufi. Kutaa kana keessatti taatonni jalqabaa, Yaaqoobii fi ilmaan isaatiBoqonnaalee kana keessaa, waffi kan biraan baay'een isaanii, iddo isaaniitiin ibsamani. Waa'ee taatota muraasaa fi namoota dhuunfaa kan ga'ee addaa qabaatan keessa deebi'aatii, wantoota yaadattanu barreessaa.

Kutaa wabii	Taatota	Wantoota ani yaadadhu
Seera Uumamaa 37:21-23;42:22		
Seera Uumamaa 37:26;43:8-9		
Seera Uumamaa 39:1		
Seera Uumamaa 39:7		

Seera Uumamaa 39:21		
Seera Uumamaa 40:2		
Seera Uumamaa 40:2		
Seera Uumamaa 42:24		
Seera Uumamaa 43:29		

Yeroo fudhaatii biyya Gibxitti keessatti bulchaa/seerratta isa lammafaa ta'uuf deemsaa Yooseef keesa darbe barreessaa

1. Seera Uumamaa 37

- a. _____
- b. _____
- c. _____

2. Seera Uumamaa 39

- a. _____
- b. _____

3. Seera Uumamaa 40

- a. _____
- b. _____

4. Seera Uumamaa 41

- a. _____
- b. _____

c. _____

5. Seera Uumamaa 42-44

a. _____

b. _____

6. Seera Uumamaa 45

a. _____

b. _____

Yeroo qo'annoo keessan kana keessatti, mallattoowwan Macaafa Qulqulluu keessan irratti gootan keessa deebi'aa. Lakkoofsa(lakkoofsota), jaarra 21^{ffaa} kana keessa jirenya dhuunfaa keessaniitiif barbaachisummaa qaba(qabu) jettan barbaadaa. Lakkoofsicha(lakkoofsota sana) asitti barreessaa

Yooseefii fi jirenya isaa wajjin eessatti wal-fakkaattuu?

Utuu Yooseefii wajjin carraa tokkoof tokkoon (dhuunfaan) isaa wajjin haasa'uuf carraa argattanii, kan yeroo jirenyi keessan haala rakkisaa keessa galu isin gargaaruu danda'u ilaachisee, gaaffii gaafachuu yoo barbaaddani, maal isa gaafattuu? _____

"Waaqayyo Gooftaan isaa wajjin ture." Yeroo fudhaatii, Wantoota jirenya keessan keessaa, akka Gooftaan isin wajjin jiru isin yaadachiisanu addaan baasaatii, isa booda, ija namoota kaanii duratti milkaa'iusa isinii kenuun, oolmaa Waaqayyo isiniif ooleef Isa galateeffadhaa.

Barreeffamoonni qo'annoo macaafa qulqulluu, dabalataa, bilisa(kaffaltii malee) marsariitii irraa
buufatamuu danda'a.

Marsariitii tajaajilichaa daawwadhaa: www.crosscm.org.

Mee isin irraa haa dhageenyu!

Teessoo kanaan nu qunnamaa: admin@crosscm.org